

XIINXALA ITTI FAYYADAMA MALLEEN DUBBII  
WALALOO 'SIIFAN' KEESSATTI

IDDOOSAA BADHAASAA DHEERESSAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII  
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII QUUNNAMTII  
GAMISAAN GUUTACHUUF DHIHAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII  
FOOKLOORII KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO  
AFAANOTA JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII  
YUUNIVRSITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021  
FINFINNEE

XIINXALA DUBBII HAALAWAA ASOOSAMA EELAA  
JIREENYAA

BOONTUU ABBABEE

GORSAAN: BIINIYAAM JAMBAREE (MA)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII  
AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII QUUNNAMTIIN GAMISAAN  
GUUTTACHUUUF DHIHAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFII FOOKLOORII  
KOOLLEEJII QO'ANNOO AFAANOTA JOORNAALIZIMIIF  
QUUNNAMTII YUUNIVARSITI FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021  
FINFINNEE

# BAFAATA

<b>Qabiyye</b>	<b>Fuula</b>
<i>Axereera</i> .....	iv
Galata .....	v
BOQONNAA TOKKO: SEENSA .....	1
1.1 Ariirrata Qorannichaa.....	1
1.2 Ku'msa Qorannichaa.....	10
1.3. Gaaffilee Qorannichaa.....	10
1.4 Kaayyoowwan Qorannichaa .....	11
1.5 Barbaachiismmaa Qorannichaa.....	11
1.6 Daangaa Qorarannichaa .....	11
1.7 Hanqina Qorannichaa.....	12
1.8 Qindoomina qorannichaa .....	12
BOQONNAA LAMA: SAKKATTA'A BARRUU .....	13
2.1. Yaadrimee Walaloo.....	13
2.2. Yaaxxina Qeeqa Ogbarruu.....	15
2.3 Afoola.....	16
2.2. Gosoota Afoolaa.....	17
2.2.1 Mammaaksa.....	17
2.2.2 Sheekkoo .....	18
2.2.3 Hiibboo .....	18
2.3 Maalummaa Malleen Dubbii.....	19
2.4 Gosoota Malleen Dubbii .....	21
2.4.1 Nameessuu .....	22
2.4.2 Iddeessuu .....	23
2.4.3 Akkasaa .....	25
2.4.4 Habalaka .....	26
2.4.5 Mitihee.....	27
2.4.6 Arbeessuu .....	28
2.4.7 Atee /Jedhiyaadii .....	29
2.4.8 Tuqsee.....	30

2.4.9 Irra deddeebii /Fakkee/ .....	31
2.5 Faayidaa Malleen Dubbii .....	34
2.5.1 Faayidaa Malleen Dubbii Mammaaksa Keessatti Qabu.....	36
2.5.2 Faayidaa Malleen Dubbii Oduu Durii Keessatti Qabu .....	37
2.5.3 Faayidaa Malleen Dubbii Sirba Keessatti Qabu.....	38
2.5.4 Faayidaa Malleen Dubbii Walaloo Keessatti Qabu.....	40
2.5.5 Sakkatta'a Qorannoowwan Walfakkii.....	41
BOQONNAA SADI: MALA QARANNICHAA .....	43
3.1 Adeemsa Qorannichaa.....	43
3.2 Saxaxa Qorannichaa.....	43
3.3 Madda Odeeffannoo .....	44
3.4 Mala Iddeessuu.....	44
3.4.1 Iddattoo Akkayyoo .....	45
3.5 Mala Odeeffannoo Ittiin Funaanaman.....	46
3.5.1 Sakatta'a Dookumentii .....	46
3.6 Adeemsa Qaacceessa Ragaalee .....	46
3.7 Malleen Qaacceessa Ragaalee.....	46
BOQONNAA AFUR: DHIHEESSAA QAACCESA RAGAALEE.....	48
4.1 Seenaa Gabaabaa wa'ee Kitaaba Walaloo <i>Siifan</i> .....	48
4.2 Gosoota malleen dubbii kitaabaa walaloo ' <i>siifan</i> ' kessatti argaman xiinxaluu .....	49
4.3 Faayyadama Malleen dubbii .....	49
4.3.1 Nameessuu.....	49
4.3.2 Bakkasaa /Iddeessuu.....	50
4.3.3 Akkasaa .....	52
4.3.4 Habalaka (Agboo).....	52
4.3.5 Sobdhugaa (Mityee) .....	54
4.3.6 Waanteessuu (Atee) Jedhiyaad.....	55
4.3.7 Tuqsee.....	56
4.3.8 Malallattoo Fakkoommii .....	58
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO, YABOO .....	59
5.1. Cuunfaa .....	59

5.2 Argannoo.....	60
5.3 Yaboo .....	60
Wabiilee .....	62

### **Axereera**

*Kaayyoon qorannoon kanaa itti fayyadama maleen dubbii walaloo ‘Siifan’ xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatuudha. Kaayyoon qorannaa kanaa maleen dubbii walaloo siifan keessatti argaman baasuuf qabiyyee isaan xiinaluudha. Qorannoo kana kana gochuuf qorataa kanatti kaka’umsa kan ittii uume; fayyadama malleen dubbii walaloo siifan keessatti argaman ifa akka ta’an waan barbaadeef mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahuun, kitaaba walaloo siifani fi akkasumas qorannoowwan biroo kanaan walitti dhiyaatan madda ragaa tokkoffaafi lammaffaa qorachuun argannoon qorannoo kanaatiis dubbiiwwan haalawaa gosoota isaan kan walaloo kana keessatti itti fayyadame kitaabicha keessatti gosoonni malleen dubbii akkasaa, nameessuu, bakkasaa, atee, mallattoo, sobdhugaa, habalaka fi tuqseetti akka itti fayyadamee barameera. Haata’u malee barreessaan walaloo kun mala dubbii osoon itti hin fayyadaman dagatee bira darbe jiraachuusaa bira gahameera. Haaluma kanaan maleen dubbii barreessaan kun dhimma itti baheefi utuu hin fayyadamani darbe akka gadifageenyaan ibsamu ni taasiisa. Akkasumaas qorannoo kanaaf guduunfaa fi yaadni furmaata lafaa ka’ameera.*

## **Galata**

Duraan dursee uumaa waa maraa kan jalqabaafi dhuma hinqabne kan bakka hundatti na biraa hin hafne waaqayyoon nan galateeffadha.

Itti aansuun, jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaan aarsaa gochuun, nan nuffe utuu hinjedhiin gorsaafi sirreeffama barbaachisu na kennuun kan na wajjin dhama'an gorsaa koo Dr.Addunyaa Barkeessaa galataf kabajan isiniif qabu guddaadha.

Akksumaas Haadha koo Ta'ittii Guddinaafi Eessummaa koo Bulchaa Guddinaa; karaa hundaan siin dadhaabee osoo hin jedhin ganamaaf galgalaa karaa malaqaas ta'e karaa yaadan kan na bira dhaabbattan galanni an qabuf guddaadha.Umurii na dheeraa naaf jiraadha.

Dhumarratti ammoo firoottan koof hiriyoota koo; warraa karaa hundumaa naa gargaaran hundaaf galatan qabu daangaa hin qabu galatoomaan jedha.

## BOQONNAA TOKKO: SEENSA

Seensa jalatti kan hammataman ariirrata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoowwan qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaafi hanqina qorannichaa fi qindoomina qorannichaa walduraa duubaan dhiyeesseera.

### 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Dhalli namaa jiruufi jireenya dabarsee as ga'e keessatti akkaataa garaagaraan mala dubbiitti gargaaramee ergaa isaa dabarfataa ture. Kana jechuun dhalli namaa waa'ee wantoota wayita ibsu, seenessuu, addeessu, fi himu mala dubbiitti dhimma ba'aa ture. Waan amalaan waal fakkaatan wal bira qabee, isaa tokko isa biraan bakka buusee, isa tokko ol kaasee, isa tokkommoo gad buuse, kana mala namaa hin qabne amala namaa gonfachiisee, yoo barbaademmo faallaan ibsee, itti dhimma bahuu amala dhala namaati. Kun immoo ganamuma waan aadaa saba tokkoo keessatti argamudha.

Ogbarruun Oromoo erga barreeffamee dhiyaachuu eegalee dhiyoodha. Dhiyoo haa ta'u malee, barreessitoonni waan hawaasani dhimma itti bahaa ture mala dubbiitti dhimma bahuun ogbarruu barreessaa turan. Barreessas jiru. Malli dubbii kunis kan hawaasni dhimma itti bahu waan taheef, hawaasichi akkatuma itti fayyadamuun ogbarruu keessattis barreessitootan dhimma itti bahama. Kun kallatti afaaniinis kan jirudha. Iti fayyadamni afaanii kunis ogbarruu qofa keessatti osoo hin taane, barreeffamoota biro keessattis ni mul'atu.

Barreessitoonni Oromoos carraa kanatti fayyadamuun Afaan Oromoo afaan ogbarruu barreeffamaa taasisuuf carraaqaa jiru. Kun ammoo, waayee Oromoo barreeffama kalaqaatiin ibsuu bira darbee guddina Afaan Oromootiif illee qooda olaanaa kan qabudha.

Barreessitoota walaloo keessaas walaan Yaasoo Kabbabaa isa tokkodha. Haaluma kana keessatti Yaasoo Kabbabaa barreeffamoota walaloo mala dubbiitti fayyadamuun uummataan gahuun uummanni eenyummaa isaa akka hubatuufi diinaaf akka gadi hinjenne kan barumsa kennudha. Kana kan godhes ittifayyadama malleen-dubbii barreeffama walaloo isaa keessatti itti gargaaramedha. Haaluma kanaan, malleen-dubbii ergaa darbu tokkoof ciminaafi si'aay'inummaa yommuu kennuni mul'ata.



Akkasumas, galumsa hiika jechaa yookiin gaalee kan barame irraa maqsuun yookiin adda gochuun yaada darbu sanaaf xiyyeeffannaa kennuudha. Ergaan sun ergaa laafaaf xiyyeeffannoo salphaa kan kennu osoo hintaane kan dhimma sana gadi-fageenyaan xiyyeeffannee ilaallu ta'uu isaati. Ergaan darbe sun yoo tures haaromee sammuu dhala namaakeessatti akka yaadatamu gochuu danda'uu isaati. Walumaagalatti, malleen-dubbii fayyadama afaanii kan hawaasni tokko ergaa barbaadu tokko ittiin ibsatu, hanga gadi fageenya ergichaa karaa ittiin walhubachiisudha.

Yaada kana Encyclopedia Americana (1985:195) akkas jedha, “Barreeffamaafi afqunnamtii keessatti faayidaan malli dubbii qabu hiika ifoomsuu, fakkeenya sirrii ta’e kennuu, yaadacimsuu, kan lubbuu hinqabnetti lubbuu horuun yaadni darbu sun akka dinqisiifatamuu fi miidhagu gargaara. Akkasumas, wanti tokko xiyyeeffannoo akka argatu godha”. Akka waraabii kanaatti, malleen-dubbiitti kan fayyadamu dubbattootaafi barreessitootadha. Kunis, kan dubbatu dubbisaa keessatti, kan barreessu ammoo, barruusaa keessatti fayyadama. Kana jechuun, dubbiin nama sanaa akka miidhaguufi dhama qabaatu gochuuf nigargaarama.

Inni kan biraan Akkuma jireenya jiraannu keessatti wantoota walbira qabaa yookaan dorgomsiisaa oolu waloon walaloo isaa keessatti wantoota walbira qaba. Kana gochuuf yeroo baay’ee walaloo keessatti walbira qabbiin tooftaa lamaan raawwata. Walaloon amala dubbii qolaa hedduminaan fayyadamuu qaba. Dubbiwwan qolaa sammuu dubbisaa yookan dhaggeeffataa keessatti human suuraa kaasuu waaan qabaniif walaloo keessatti baay'inaan argina.

Mallii dubbii dameewwaan ogbarruu warra kan caalaa walaloo keessatti dubbiiwwan qolaa addaa addaa fayyadamuudhaan muudannoofi muuxannoo, miira, ilaalchaafi yaadawwan mul'atan arbessee kanneen hin mul'annee haala qabatamaafi ifa ta'een mulisee miidhagsee dhiyeessuu danda'a. Wanti hin mul'annee tokko hamma wayyii gahee kan ijaan hin mul'anne akka argamu, akka qaqqabatamu godhee dhiheessuuf walaloon humna guddaa qaba.

Yaadawwan addaa adda ta'iiwwan walxaxoo akkasumatti qullaasaanii osoo hin ta'in waan biraa kan isaan hin fakkaanneen haguugamanii, walcinaa qabamanii yookaan bakka buufamanii dhiyaatu.

Garaagarummaa isaan keessatti tokkummaan isaani bifa bahee argama. Arrabaan dhamdhamuu gurraan dhaggeeffachuu, harkaa tuttuquu, ijaan ilaaluurra arga yaadaatiin ilaalamanii hubatamu.

Dubbiin qolaa waantoota garaagaraa wal-maddii qabanii madalchisuu, wanti yaadni amalli, dhaggeettiin, gochi,hawwii, namani yookan bineensi tokko irra caalaa akka hubatamuufi gargaari. Mallii dubbii haalawaa oguma keessatti filannoo jechoota waliin walqabatee iddoo guddaa qaba.

Jireenya dhala namaa keessatti odeeffanno,haasan,gadda gammachuu, hawwiifi kkf namoonni yeroo garaagaraatti waljijiru. Haalawwan kan keessatti dhimma dubbachuu barbaadan kallattiin ibsuu irra wanta biraatiin dubbachuu barbaadan alkallattiin ibsu. Akkataan odeeffannoo haasawaa, gadda, gammachuu fi hawwii haala dubbii barame irraa dabsuun itti dhiyeessan keessa mallii dubbii isa tokkodha.Gosoota afoola keessa tokko ta'e barreeffamni tokko yookiin haasofni tokko sammuu dhala namaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraaf osoo hin irraafatamin akka turuf kan gargaaruudha.

Yaaduma kana kan deeggaramuun Yaadannoo (2014:83) waa'ee malleen dubbii akkaata armaan gadii kanaan ibsa.

Dubbiiwwan qolaa kun yookiin malleen dubbii jedhamuun beekamu. Manguddoonni Oromoo durii afaaniin yookiin barreessitoonni ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka asoosamaa, diraamaa, walaloo, hololoo waliin dubbii adda addaa keessatti ijoo dubbii sana haala mi'awaai miira namaa harkisuun yaadan fakkii sammuu keenya keessatti uumani kan barbaadan xiqqeessuun, kan tuffachuu barbaadan jajuun kan abaaruu fedhan ebbisuun salphaatti dagatamu akka dagatamuu hindandeenyen hubachiisuuf kan itti fayyadaman dubbii qolaa yookiin malliin dubbii jedhama jechuun ibeera.

Malleen dubbii haasawafi barreeffama keessatti akka itti fayyadamnu kan ibsuudha. Kan jechuun manguddoonni haasawa taasisan keessatti malleen dubbii akka garaaramaniifi wanti dubbataman sun sammuu namaa keessatti osoo hindagatamin akka tajaajilu hubachuun nidanda'ama. Kana biraan, immoo barreeffama ammayyaa keessatti malleen dubbii yaadni barreeffama sana dubbistoota biratti akka fudhatamummaafi beekamti arganiif akka tajaajilu hubachuun kan danda'amuudha.Kanaafuu,akka waliigalattii malleen dubbii barreeffamaafi dubbii keessatti bakka olaanaa akka qabu hubachuun ni danda'ama.

Jiruu jireen jiraannuu keessatti wantoota walbira qabaa ykn dorgomsiisaa ooluu walaloos isaa keessatti wantootoota walbira qaba Kan gochuuf yeroo baay'ee walaloo keessatti walbira qabbiin tooftaa lamaan raawwata. Walaloo amala dubbii yookaan dhaggeeffata keessa humna suuraa

kaasuu waan qabaniis walaloo keessatti baay'inaan argina walaloon dameewwaan ogbarruu warra kana caalaa dubbiiwwan qolaa addaa addaa fayyadamuudhaan muudannoofi muuxannoo, miira, ilaachaa yaadawwan mul'atan arbeessee kan hin mul'ilanne haala qabatamaafi ifa ta'een mul'ee miidhigse dhiyeessuu danda'a. Yaaduma kana deeggaruun Addunyaa (2014:208) haala kanan gadiin ibsa.

Malleen dubbii dhimma fayyadma afaanii kan haala salphaa ta'een ergaa tokko namaa hubachiisanidha. Kan jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko xinneessan, kanimmoo arbeessuun, kanimmoo nammeessan, namaa bineensani wal-cinaa qabaniicinaachaan himaanif wkk taasisuun hubannoof haalaa mijeessan jechuun barreessera

Akka fayyadama afaanii keessatti ergaa waan tokko haala garaagaatiin dabarsuuf kan gargaaran malleen dubbiiiti. Kan jechuun wantoota adda addaa waan birootiin wal-bira qabuun wal-dorgomsiiisaa. Akkasumas waan amala namaa hin qanbe amala dhala namaa gonfachiisuun ergaa waan dabarsuu barbaane tokko slphaati akka hubatamnuuf kan tajajiilaniidha. Fayyadamni afaan yemmuu jennuu immoo akkaataa adda addaatiin ibsuun ni danda'ama. Haasawan namoota lama gidduutt taaisfamukeessatti fayyadama afaan bal'inaan mul'achuu nidanda'a. Kunis, haasawa keenya keessatti sagalee gar-malee ol kaasuun, gidduu-galeessatti gad-buusani sagaleessun fayyadama afaan keessa isa tokko. Kun immoo waan tokkoo human ol guddisuun malleen dubbiiiti. Kanatti dabalees, amala waan tokkoo gar-malee gadi buusuun xinneessuuis akkasuma waan ta'eef fayyadama afaanii keessatti maleen dubbiiis dhimma bana jechuudha.

Malleen dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee ergaa barbaachisaa ta'e haaladubbisaan gadifageessee hubatutti kan dhiheessuudha. Kanas dhalli namaa jireenya isaakeessatti wantoota mudatan ittiin ibsachuuf itti fayyadama. Haaluma kanaan, barreeffamaasoomama keessatti bifa garaagaraan kaa'a. Akkasumas, barreessaan jechoonni hiika dhokataa akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa uumuun hubannoo dubbistootaa hawwata. Xiyyeeffannoon hiika jechoonni kallattii qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama. Jechoonni haala kanaan fayyadanis malleen dubbii jedhamu.

Hojiiwwan uumee fi kanneen birookeessatti akkasumas barreeffamaafi afqunnamtii keessatti malli dubbii faayidaa adda addaa qabu. Yaada kana Encyclopidia Americana (1985:195) akkas jedha. Barreeffamaafi afqunnamtii keessatti faayidaan malli dubbii qabu hiika ifoomsuu, fakkeenya sirrii ta'e kennuu, yaada cimsuu, kan lubbuu hin qabneett lubbuu horuu yaadni darbu

sun akka dinqisiifatamuu fi miidhagu gargaara .Akkasumas wanti tokko xiyyeeffannoo akka argatu godha.

Malleen dubbii hojjiwwan ogbarruu keessatti fayyada hedduu kan qabudha.Fayyidan kunis ergaa darburratti waan ta'ee,ergaa sana hubachuuf immoo gadifageenya fi kallattii garaagaraan ilaluun barbaachisaadha. Malleen dubbii fayyadamuun ergaa tokko,dabarsuuf ifa taasisuu gahee jechootni fi jechamooni qaban murteessaadha. Jechamni afoola Oromoo keessa isa tokkoodha. Haasawaan yookiin dubbii keessatti yaada beekamuudha. Jechamni haasawa mi'eessuuf yookiin bareechuuf gala.

Hiikooleen jechamaatis qaama kan gubbaarratti hiika ifa ta'ee ibsamuu fi qaama keessatti immoo hiika dhoksa ni qabaata Afaan barreeffamaa keessattis barreessaan barruu isaa keessatti mala dubbii kana kan fayyadamuuf barreeffamni isaa dubbisaa biratti fudhatama akka argatuufi miira dubbistootaa harkisuun sammuu keessatti suuraa akka kaa'uu danda'utti itti kuulee barsiisuuf kan dhiheessuudha.

Barreessitoota kitaabilee walaloo barreessaa jiran keessaa Xahaa Abdii (1982) barreessaa walaloo Biliqaa, Maaramee Harqaa (1993) barreessaa walaloo Gundoo Booree, Asaffaa Tafarraa(1998) barreessaa walaloo Anaan'yaa, Masqaluu Baalchaa (2011) Mootii Qubeefi KumeeKumaatamaa, Mootummaa Asaffaa (2011) barreessaa walaloo Du'umti Haa Du'u, Kidaanuu Zallaqaa (2011) barreessaa walaloo Kooti Moo Koo miti, Dastaa Dassaaleny (2009) barreessaawalaloo Eenyuma Amantaa?, Geetuu Dajanee (2012) barreessaa walaloo Karamoo Karaadha?akka fakkeenyaatti kaasuun nidanda'ama.

Haaluma kanaan, barreessitoota Oromoo ogbarruu Oromoo irratti hojjechaa jiran keessaa Waloo Yaasoo Kababbaa isaa tokkodha. Waloon kun gosoota ogbarruu bareeffamaa keessaa 'walaloo' irratti xiyyeeffachuun kitaabilee Afaan Oromootiin barreessee uummata isaa biraan gahuun nama hojii guddaa hojjeteefi hojjachaas jirudha. Kitaaba walaloo mata dureen isaa *Siifan* jedhamu bara 2015 A.L.A maxxansiisee uummata biraan gaheera.

Kitaabileen walaloo Afaan Oromootiin barreeffamaniifi kan waloo garaagaraatiin barreeffaman biroon guddina ogbarruu Oromoofi Afaan Oromootiif gumaachi isaanii iddoo guddaa waan qabuuf, hojii waloowwan kanaa duukaa bu'uun qorannoo irratti gaggeessuun barbaachisaadha.

Kunis, hojii isaanitti haalaan cimani guddina afaanichaafi ogbarruu isaanii akka finiinsan isaan tumsa.

Qorannoo ogbarruu irratti gaggeeffamu keessaa inni tokko yaaxxinoota adda addaatti dhimma bahuun qeequudha. Haaluma kanaan, qorannoon kun kitaabilee walaloo *Siifan* kana waloon Yaasoo Kababbaa barreesse gama itti fayyadama malleen dubbiirratti qorannoo gaggeessurratti kan fuulleffatedha. Akkuma jireenya jiraannu keessatti wantoota walbira qabaa yookaan dorgomsiisaa oolu waloon walaloo isaa keessatti wantoota walbira qaba. Kana gochuuf yeroo baay'ee walaloo keessatti walbira qabbiin tooftaa lamaan raawwata. Walaloon amala dubbii qolaa hedduminaan fayyadamuu qaba. Dubbiwwan qolaa sammuu dubbisaa yookan dhaggeeffataa keessatti human suuraa kaasuu waaan qabaniif walaloo keessatti baay'inaan argina.

Mallii dubbii dameewwaan ogbarruu warra kan caalaa walaloo keessatti dubbiiwwan qolaa addaa addaa fayyadamuudhaan muudannoofi muuxannoo, miira, ilaalchaafi yaadawwan mul'atan arbessee kanneen hin mul'annee haala qabatamaafi ifa ta'een mulisee miidhagsee dhiyeessuu danda'a. Wanti hin mul'inee tokko hamma wayyii gahee kan ijaan hin mul'inne akka argamu ,akka qaqqabatamu godhee dhiheessuuf walaloon humna guddaa qaba.

Yaadawwan addaa adda ta'iiwwan walxaxoo akkasumatti qullaasaanii osoo hin ta'in waan biraa kan isaan hin fakkaanneen haguugamanii, walcinaa qabamanii yookaan bakka buufamanii dhiyaatu. Garaagarummaa isaan keessatti tokkummaan isaani bifa bahee argama.

Arrabaan dhamdhamuu gurraan dhaggeeffachuu, harkaa tuttuquu, ijaan ilaaluurra arga yaadaatiin ilaalamani hubatamu. Dubbiin qolaa waantoota garaagaraa wal-maddii qabani madalchisuu, wanti yaadni amalli, dhaggeettiin, gochi, hawwii, namani yookan bineensi tokko irra caalaa akka hubatamuufi gargaari. Mallii dubbii haalawaa oguma keessatti filannoo jechoota waliin walqabatee iddoo guddaa qaba.

Jireenya dhala namaa keessatti odeeffanno, haasan, gadda gammachuu, hawwiifi kkf namoonni yeroo garaagaraatti waljijiiru. Haalawwan kan keessatti dhimma dubbachuu barbaadan kallattiin ibsuu irra wanta biraatiin dubbachuu barbaadan alkallattiin ibsu. Akkataa odeeffanno haasawaa, gadda, gammachuu fi hawwii haala dubbii barame irraa dabsuun itti dhiyeessan keessa mallii dubbii isa tokkodha. Gosoota afoola keessa tokko ta'e barreeffamni tokko yookiin haasofni

tokko sammuu dhala namaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraaf osoo hin irraafatamin akka turuf kan gargaaruudha.

Yaaduma kana kan deeggaramuun Yaadannoo (2014:83) waa'ee malleen dubbii akkaata armaan gadii kanaan ibsa.

Dubbiiwwan qolaa kun yookiin malleen dubbii jedhamuun beekamu. Manguddoonni Oromoo durii afaaniin yookiin barreessitoonni ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka asoosamaa, diraamaa, walaloo, hololoo waliin dubbii adda addaa keessatti ijoo dubbii sana haala mi'awaai miira namaa harkisuun yaadan fakkii sammuu keenya keessatti uumani kan barbaadan xiqqeessuun, kan tuffachuu barbaadan jajuun kan abaaruu fedhan eebbisuun salphaatti dagatamu akka dagatamuu hindandeenyen hubachiisuuf kan itti fayyadaman dubbii qolaa yookiin malliin dubbii jedhama jechuun ibeera.

Malleen dubbii haasawafi barreeffama keessatti akka itti fayyadamnu kan ibsuudha. Kan jechuun manguddoonni haasawa taasisan keessatti malleen dubbii akka garaaramaniifi wanti dubbataman sun sammuu namaa keessatti osoohindagatamin akka tajaajilu hubachuun nidanda'ama. Kana biraan, immoo barreeffama ammayyaa keessatti malleen dubbii yaadni barreeffama sana dubbistoota biratti akka fudhatamummaafi beekamti arganiif akka tajaajilu hubachuun kan danda'amuudha. Kanaafuu, akka waliigalattii malleen dubbii barreeffamaafi dubbii keessatti bakka olaanaa akka qabu hubachuun ni danda'ama.

Hiika malleen dubbii irratti Isaaq (2003:5) Zarihuun (199:105) wabeeffachuun akkasitti ibsa.

Malleen dubbii dhimma tokko kan ibsuu haalaa lumsaafihiika jechoota yookiin kan baratamaan irra bifa adda ta'een yookiin yaada addaafi filatamaan ta'een cimsee kan ibsuudha. Malleen dubbii kan uumamu amala, miira, gochaafi haala wajjii Wal-dorgomsiiisuun fakkeessuun amala isa tokko kan biroof kennuun yookiin jijjiiruuf bakka buusuudhaani jechuun addeesse.

Yaadi kanarraa wanti hubatamu malleen dubbiihaala adda keessatti kan itti gargaarmnuufi fiaayidaa akka qabu hubachuun ni danda'ama. Kunis hiikajechoota barreeffama keessattis ta'ee dubbii keessatti haala duraan beeknu sanarra bifa adda ta'een kan itti gargaaramnu waan ta'eef hiikni jechoota achi keessatti argamani hiika kallattii osoo hintaanee akkaataa malleen dubbii sun hiika itti argachuu qabnanii kan hiikamu waan ta'eef ,malleen dubbii faayidaa adda addaa akka qabu hubachuun danda'ama. Yaaduma kana deeggaruun Addunyaa (2014:208) haala kanaan gadiin ibsa.

Malleen dubbii dhimma fayyadma afaanii kan haala salphaata'een ergaa tokko namaa hubachiisanidha. Kan jechuun karaa ittiin waan guddaa tokko xinneessan, kanimmoo arbeessuun, kanimmoo nammeessan, namaa bineensani wal-cinaa qabaniicinaachaan himaanif wkk taasisuun hubannoof haalaamijeessan jechuubarreesseera.

Akka fayyadama afaanii keessatti ergaa waan tokko haala garaagaatiin dabarsuuf kan gargaaran malleen dubbiiiti. Kan jechuun wantoota adda addaa waan birootiin wal-bira qabuun wal-dorgomsiiisaa. Akkasumas waan amala namaa hin qanbe amala dhala namaa gonfachiisuun ergaa waan dabarsuu barbaane tokko salphaati akka hubatamnuuf kan tajajilaniidha. Fayyadamni afaan yemmuu jennuu immoo akkaataa adda addaatiin ibsuun ni danda'ama. Haasawan namoota lama gidduutt taaisfamu keessatti fayyadama afaan bal'inaan mul'achuu nidanda'a. Kunis, haasawa keenya keessatti sagalee gar-malee ol kaasuun, gidduu-galeessatti gad-buusani sagaleessun fayyadama afaan keessa isa tokko. Kun immoo waan tokkoo human ol guddisuun malleen dubbiiiti. Kanatti dabalees, amala waan tokkoo gar-malee gadi buusuun xinneessuuis akkasuma waan ta'eef fayyadama afaanii keessatti maleen dubbiiis dhimma bana jechuudha.

Waa'ee malleen dubbii Harry (1972:208) yemmuu ibsuu *'Afigure of speech in which the leteral meaning of aword or statements in the opposite of that intend. In literature, it is achnique of indicating interition or altitude opposed to what is actually stated jechuun barreessera.* Qabxii kanarraa kan hubatamu, malleendubbii barreeffamoota yaad-uumee fi dubbii haasawama tokko amansiisaa taasiisuuf gahee guddaa taphachuu akka danda'a'uudha. Kan jechuun tajaajilii malleen dubbii barreeffama keessatti qofa osoo hintaane waliin dubbii namoonni taasisan keessatti shooraa olaanaa taphachuu isaatu hubatama. Kanamalees kan inni tajaajilu afaanii fi umrii sadarkaa kammiyyuu keessatt faayidaa kennuun isaas kan hubatamuudha.

Namoonni kan ilaalan, kan dhagahan, kan qaqqaban, kan dhandhaman, sammuu isaaniikeessatti wanti fakkii uume nama biraatti himuuf miira isaanii nama biraatti kan itti hiran, qaama dubbiiiti. Malli dubbii haala amala tokko, miira nama biraatiif ykn bineensa biraaf kennuun yookaan walfakkeessuun waldorgomsiiisuun dhiheessa. AmericanEncyclopidia (1985:195) waa'ee mala dubbii yoo ibsu: Malli dubbii ogbarruu keessattikaraalee adda addaa fayyadamuun ergaa barreessaaf darbuu barbaade haala ifaafi ciminaqabuun akka darbu qaama godhuudha. Malli kunis ogbarruutti miidhagina kanuffisuta'uu isaa kanirraa hubannuudha.

Dabalataanis, kitaabuma kana keessatti akka ka'utti “Malli dubbii akkaataa yookaan bifawaan ibsan ta'ee kan jecha sirrii yookaan tartiiba hima isa sirriifi hiika jechaa barameirraa maqsuun dhihaatuudha. Kunis kaayyoon isaa dhiibbaa addaa uumuufidha” yaadakana yemmuu ilaallu waliigalteen duraan namoonni qabaniifi akkaataan isaan ittiin waliigalan haala idileerraa gara alidileetti jijjiiruun akka ta'eedha. Kanuma ilaalchisee, Shaw (1972 :160 ) akka kaa'etti “Jechoonni hiika kallattiin ala qabaniin wantoota biraayoo ibsan kan uumamuudha.” Jechuun kaa'eera.

Yaadni kun kan agarsiisu, jechoonniifi gaaleewwan hiika kallattiin qaban alatti wanta biraa bakka bu'uu, walitti dhufeenya isaangidduu jiru ibsuufi amala tokko wanta biraan buusuuyaadni keenya akka ifa ta'u godhu. Kunis, ergaan himichaa sammuu dubbisaa yookaan dhaggeeffataa keessatti fakkattiiuumuun salphaatti akka hubatamu nu gargaara. Karaabiraatiin, malli dubbii ergaa darbutokkoof ciminaafi si'aayinummaa yemmuu kennu argina. Akkasumas, galumsa hiikajechaa yookaan gaalee kan barame irraa maqsuun yookaan adda gochuun yaada darbusanaaf xiyyeeffannaa kennuudha. Ergaan sun ergaa laafaafi xiyyeeffannoo salphaa kan kennu osoo hin taane kan dhimmaa sana gadi fageenyaan xiyyeeffannee ilaallu ta'uu isaati.

Ergaan darbe sun yoo tures haromee sammuu keenyatti akka yaadatamu gochuudanda'uu isaati. Malleen dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee ergaa barbaachisaa ta'e haala dubbisaan gadifageessee hubatutti kan dhiheessuudha. Kanas dhalli namaa jireenya isaakeessatti wantoota mudatan ittiin ibsachuuf itti fayyadama. Haaluma kanaan, barreeffamaasoomaa keessatti bifa garaagaraan kaa'a. Akkasumas, barreessaan jechoonni hiika dhokataa akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataaumuun hubannoo dubbistoota hawwata.

Xiyyeeffannoon hiika jechoonni kallattii qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama. Jechoonni haala kanaan fayyadanis malleen dubbii jedhamu. Hojiiwwan uumee fi kanneen biro keessatti akkasumas barreeffamaafi afqunnamtii keessati malli dubbii faayidaa adda addaa qabu.

Yaada kana Encyclopidia Americana (1985:195) akkas jedha. Barreeffamaafi afqunnamtii keessatti faayidaan malli dubbii qabu hiika ifoomsuu, fakkeenya sirrii ta'e kennuu, yaada



cimsuu, kan lubbuu hin qabneett lubbuu horuu yaadni darbu sun akka dinqisiifatamuufi miidhagu gargaara. Akkasumas wanti tokko xiyyeeffannoo akka argatu godha.

Malleen dubbii hojjiwwan ogbarruu keessatti fayyada hedduu kan qabudha. Fayyidan kunis ergaa darburratti waan ta'ee, ergaa sana hubachuuf immoo gadifageenya fi kallattii garaagaraan ilaluun barbaachisaadha .Malleen dubbii fayyadamuun ergaa tokko, dabarsuuf ifa taasisuu gahee jechootni fi jechamooni qaban murteessaadha. Jechamni afoola Oromoo keessa isa tokkoodha. Haasawaan yookiin dubbii keessatti yaada beekamuudha. Jechamni haasawa mi'eessuuf yookiin bareechuuf gala.

Hiikooleen jechamaatis qaama kan gubbaarratti hiika ifa ta'ee ibsamuu fi qaama keessatti immoo hiika dhoksa ni qabaata. Kanumaan kan walqabate waraqaan qorannoo kun inni irratti xiyyeeffatu xiinxala fayyadama Afaan malleen dubbii walaloo *Siifan* jedhu keessatti argaman kan ilaaluudha.

## **1.2 Ku'msa Qorannichaa**

Qorannoo tokkoo gaggeessuu keessatti ka'umsi iddoo guddaa qaba. Inni kallatti yookiin bu'uura wanta qoratamu sanaa eessa ka'ani garamiitti akka deemisan agarsiisa. Kana jechuun rakkoolee fumaata argachuu qaba jedhee qorataan sammuu keessatti yaaduuf deebii akka argatu kan hubachisuudha. Kun immoo rakkoolee yookiin qaawwa jiru tokko duuchuuf, akkasumas, haaromuuf deeman akan agarsiisudha. Wantoonni qorannoon kun akka adeemsifamuuf qoraaticha kakaasani jiru. Fakkeenyaaf barreestoonni Oromoo wal aloo adda addaa Afaan Oromootiin barreessaniru.

Walaloonni Siifan isaan kan keessa isaa tokkodha. Haata'uu malee dubbistoonni baay'een yemmuu isaan ergaa walaloo kanaa salphaatti namaaf hin galu jedhan qoraatanis dhagaheera. Kanumarraa ka'uun, qoraatanis itti fayyadama maleen dubbii walaloo *Siifan* bara 2015 maxxanfame keessatti argaman xiinxaluuf isa kakaasera.

## **1.3. Gaaffilee Qorannichaa**

Qoraatanis gaaffilee bu'uura kanneen armaan gadii qorannoo isa keessatti deebisuu qophaa'eera.

- Malleen dubbii walaloo siifan keessatti argaman maal fa'i?
- Qabiyyee malleen dubbii walaloo siifan keessa jiran maal fa'i.

## 1.4 Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa:Gosota maleen dubbii kitaaba walaloo mata dureen isaa *Siifan* jedhu keessatti argaman xiinxaluun dhiyeessuudha.

Kaayyoon gooree qorannoo kanammoo akka armaan gadiiti.

- Malleen dubbii kitaaba walaloo mata dureen *Siifan* jedhu keessatti argaman addaan baasuu.
- Qabiyyee malleen dubbiiicha keesatti qabu ibsuu.

## 1.5 Barbaachiismmaa Qorannichaa

Barbaachisummaa qorannoo kan kanneen armaan gadiiti

- Namoota Afaaniif ogbarruu Oromoo qo'annoo keessatti qabanif nidabala.
- Namoota walaloo irratti qorannoo gaggeessaniif haala nimijeessa.
- Guddina Ogbarruu Oromoottiif gumacha niqabata.
- Namoota Afaan biroo baratani, Afaan Oromoo qo'achuu barbaadanif nigargaara.
- Barreessitoonni Ogbarruu hojiin isaan dubbistoota biratti fudhatama akka argartuuf karaa qabsiisuu nidanda'a.
- Bartoota Afaannii yoo argatani dubbisan itti fayyadama malleen dubbii irratti hubannoo akka dabalatatti gargaaruu nidanda'a.
- Hojii Yaasoo Kabbabaa keessaa tokko beeksisuufis fayyaduu nidanda'a.

## 1.6 Daangaa Qorarannichaa

Qorannoon kun kan irratti daangeeffame gosoota ogumaa keessaa walaloo *Siifan* irratti yemmuu ta'uu, wantoota walalicha keessatti argaman keessa ammoo fayyadama malleen dubbii irratti kan daangeeffameedha.

Gama daangaaa walaloottin Sababni walaloo *Siifan* irratti daangesseef walaloo jiran hunda irratti si'a tokko dubbiiwwan yookaan malleen dubbii haalawaa isaan keessarratti qorannoo taasisuun waan ulfaataa ta'eefidha.

Gama qabiyyeetiin ammoo sababni ogafaan walaloo Siifan keessa jiran keessaaa dubbiiwwan haalawaa irratti daangeessineef afoola yookaan ogafaan walaloo kan keessa jiran hunda irratti sa'i tokko qorannoo gaggeessuun rakkisaa waan ta'eefidha.

Walumaagalatti malleen dubbii walaloo *Siifan* keessatti argaman qaacceessuu danda'eera.

### **1.7 Hanqina Qorannichaa**

Qorannoon tokkoo yemmuu gaggeeffamu hanqinnooni adda addaa qorataa muudachuu nidanda'u. qorannoo kana yeroon gaggeesse wantoonni qulqullina qorannoo kanaa hiri'san kitaabilee wabii qubsaa dhabuu, hanqina wayitii yookiin qoranoof kenname gabaabachuudha kitaabileen wabii yoo jennu gama dubbiiwwan haalawwatin kitaabileen baraan, baay'inaan bahan waa'ee dubbiiwwan halawaa irratti waan hin xiyyeeffannef rakkoo guddaa natti uumeera.

Gama biraatiin qorannoo kana yeroo gaggeessa turetti, rakkoolee baay'een kanneen akka meeshalee qorannoof barbaachisan qopheeffachuun rakkoo guddaa natti ta'ullee, rakkoolee kanneen hanga danda'ameen obsaa wantoota barbaachisanii fi yeroo kooti fayyadamuun akka galma gahu taasiseera.

### **1.8 Qindoomina qorannichaa**

Qorannoon kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaate. Boqonnaan isa duraa keessatti Ariirata qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, kaayyoo qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hanqina qorannichaafi qindoomina qorannichaatu argama. Boqonnaa lama keessatti sakkatta'a barruu, faayidaa malleen dubbii fi sakkatta'a qorannoo wal-fakkiitu dhiyaate.

Boqonnaa sadaffaan malleen qorannoo, meeshaalee funaansa odeeffannoo, iddattoo, adeemsaafi mala odeeffaannoon ittiin qaaceffamu of keessatti kan hammateedha. Boqonnaa arfaffaa keessatti seenaa kitaabichaa, qaaccessa odeeffannoo funaanamaniitu dhiyaate. Boqonnaa dhumaa keessatti immoo, guduunfaa, argannoofi *yaboo* qorannichaatu dhiyaate. Dhumarratti, kitaabiilee wabiilee akka akka maddatti tajaajilattu jira.

## BOQONNAA LAMA: SAKKATTA’A BARRUU

Boqonnaa kana keessatti maalumma yaadrimee walaloo, yaaxxinaa qeeqaa Ogbarruu, afoolaa, gosoota afoolaa, maalummaa malleen dubbii, gosoota malleen dubbii, faayidaaalee malleen dubbiiiti fi qorannoon barruu walfakkii sakatta'amaniiru dhiyaaataniru.

### 2.1. Yaadrimee Walaloo

Qeeqni ogbarruu akka gosa barnoota tokkootti adeemsa ogbarruu tokko madaallee Qaaccessuun hiika itti kennuuti. Qeeqni ogbarruu seenaan jalqabbii isaa qeeqa walalootiin walqabata. Yaada kana Dutton (1884:15) yommuu ibsu, “...any criticism written before approximately 1800 maybe understood as criticism of creative literature in general,” jechuun barreesseera.

Yaada hayyuu kanarraa kan hubatamu, qeeqni ogbarruu jaarraa 18ffaa dura hojii qeeqa walaloo irratti barreeffame kamuu, walaloon akka ogummaa kalaqaa waliigalaattiifi qeeqa barruu kalaqaa hunda hammatuutti ilaalamaa turuusaa kan agarsiisudha. Hojii ogbarruu tokkoo madaaluuf, gaaffiin barreessaa ogbarrichaa maal akka ta’e, ogummaa ykn aartii akkamitti akka fayyadamee barreesse, yaadota saayinsiifi falaasamaa haala kamiin adda baasee akka itti gargaarame, waan ibsuu barbaadeefi yaadrimee isaa hangam akka walqabataniifi walibsaa deeman irratti xiyyeeffachuun hojiin ogbarruu tokkoo qeeqamuu qaba.

Kanumaan walqabatee Lodge (1988:63) hiika qeeqa ogbarruu akkanaa ibseera. Criticism consists of judging and appreciating recent works with a view to helping the public make up its mind, and a scientific function which consists of a positive study, closely with a view of knowledge of the conditions of existence of literary, works or the materiality of the text, source, psychological or historical origins, etc. Yaada olii kanarraa kan hubatamu, hojii ogbarruu tokkoo karaalee ittiin madaalan, dinqisiifatan, sammuu dubbisootaa kakaasan, madaafi seenaa isaa qoratan akkasumas, wantoota hawaasa keessatti mul’atan calaqqisiisuu isaanii karaa ittiin madaalaniifi xiinxalan akka ta’e hubachuundanda’ameera.

Kanumaan walqabatee, Fedhasaan (2017:118) Birhanu (2009) wabeeffachuun yoo ibsu, “Jechi ‘walaloo’ jedhu Afaan Ingiliziitiin ‘poetry’ kan jedhudha. Innis, jecha Giriikii ‘poiein’ kan dhufe yommuu ta’u, hiikni isaa uumuu jechuudha. Kun kan akeekus waloon walaloo kan kalaqu yaadasaa irraa ta’uu akks ta’e addeesseera. Gama biraatiin, ogbarruun gadda, gammachuu, ilaalchaafi amantii, wantoota hawaasa biratti jibbamaniifi aadaa hawaasichaa

cabsan balaaleffachuun dhimma baanuudha. Akka Fedhasaan (2017:125) ibsetti, Walaloo keessatti jechoota waloon filatutu guutummaa yaadasaa bakka bu'a'

Jechoonni filataman bu'aa sagaleef qabaniin madaalamu. Waloon yeroo baay'ee jechoota hiika dhanquu qabanitti fayyadama. Meeshaan guddaan waloon kaayyoon isaa ittiin guuttatu jechoota. Tooftaan inni waltajjii ittiin too'atu filannoo jechootaati. Jechoota yommuu filannu jechoota qusatamoofti udumamoo ofkeessatti qabatan ta'uusaanii madaaluudha. Filannoon jechootaa kun ammoo mala dubbiiti jechuudha. Walaloon aartii akkaataa jechaa dhikkisa humna jabaa qabuun hubatamuudha. Walaloon ogummaa gammachuufi haqa walfakkaataa ta'een yaada keenya sassaabnee sababa keenya ittiin deeggarannudha. Kana malees, walaloon aartii jechootatti fayyadamuudhaan yaada keenyaaf suura kaasnudha.

Akkuma namni tokko halluutti fayyadamuun waa miidhagsu, namni walalo barreessu immoo jechoota humna qabanitti gargaaramuun ergaa dabarfachuu barbaade tokko miidhagsee dhiyeessa. Ogbarruun Oromoo haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan ibsuufi kan mul'isuudha. Kanas, karaa barreeffamoota walaloo arguu dandeenya. Walaloon gadda gammachuu, ilaalcha, muuxannoofi kan kana fakkaatan ittiin ibsachuuf barreeffama. Dabalees namoonni walaloo kan barreessaniif dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin ilaaluuf, ittiin xiinxaluufittiin beeksisuuf akkasumas, haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ittiin walbira qabuun waldorgomsiiisuuf gargaara. Kunis, haala ittiin bulmaata hawaasichaa kan mul'isu ta'ee xiyyeeffannoo karaa adda addaan mul'isuu danda'a. Kunis, xiyyeeffannoo qabiyyee gama ergaa qindoominaa, faayidaa kennuu, akkaataa barreeffamichaafi fayyadama irratti ta'uu danda'a.

Walaloon qaama ogbarruu barreeffamaa keessaa tokko ta'ee jiruufi jireenya namaa, icciitii hawaasa tokkoo, haala ittiin bulmaataa kan ittiin ifa baasuudha. Barreessaan tokko hojii isaa keessatti qabiyyeewwan adda addaa makuun kan barreessu, wantoota hawaasa keessatti taajjabe, ilaale, adda baasee, muuxannoo seenaa dhugaa fakkeessuun kan ibsuufi namootas bohaarsaa barumsa dabarsuudha. Kanaaf, ega hojii kalaqaa tahee dhugaan hawaasicha keessa jiru haala jiruufi jireenya hawaasichaa daawwitii ta'ee kan agarsiisuudha. Kunis, barreessaan walaloo dhugaa inni ka'umsa godhatee barreessu jechootaafi yaadota inni qindeessee ittiin miidhagsee haala miira dubbistootaa harkisuu danda'utti mi'eessee barreessuudha. Kunis, akkaataa malleen dubbiitti fayyadamuun ta'a.

Barreessaan tokko tokko ergaa barreeffamichaa irratti, inni kaan immoo, qindoominaafi caasaa irratti xiyyeeffachuu danda'a. Barreeffama walaloo tokkokeessatti xiyyeeffannoon itti-fayyadama malleen-dubbii karaa adda addaan mul'achuu danda'a. Isaan keessaa muraasni: ergaa barreeffamichi kennu irratti ta'uu danda'a. Haaluma kanaan, barreeffamni walaloo dhaamsa qabiyyee garaagaraatiin dabarsuu nidanda'a. Qabiyyeewwan gadda mul'isan barreeffama walaloo keessatti walaon hawaasa keessa jiraannu keessatti wanta nama qunnamu miira gaddaa isaan itti mul'isan irratti hundaa'ee barreessedha. Kun ammoo, waan barreessaan irratti xiyyeeffatee barreesse kan mul'isu ta'uusaati.

Wantoota hawaasicha keessatti jibbaman aadaafi safuu hawaasaa cabsan barreeffama walaloo kana dubbisuun irraa baruun nidanda'ama. Kunis, wanti yaada kanarraa hubatamu, hawaasni Oromoo amaloota badaa dhabamsiisuuf wantoota hawaasicha keessatti fudhatama qaban akka itti fufaniifi itti fayyadama malleen dubbii gama ogbarruu guddisuutiin jireenya hawaasummaa cimsuun gama dinagdee guddisuu keessatti ogbarruun gahee guddaa qaba. Gama hawaasummaatiin ogbarruun kan hawaasaati; hawaasnis ogbarruu malee aadaa, duudhaa, safuu hawaasichaa calaqqisiisuu hindanda'u. Duudhaafi safuu hawaasichaa kabajuun jiruufi jireenya gaariijiraataniif barumsa nikenna. Hawaasni Oromoo, barruu kana dubbisuun jiruufi jireenya keessatti wantoota isa mudatan ittiin barsiisa.

## **2.2. Yaaxxina Qeeqa Ogbarruu**

Hojii ogbarruu tokkoo xiinxaluuf, yaaxxina qeeqa ogbarruu bu'uura godhachuun baay'ee barbaachisaadha. Yaaxxina jechuun adeemsa ogbarruun tokko ittiin hubatamuufi xiinxalamudha. Hojii ogbarruu tokkoo karaa adda addaatiin kan ilaalamu waan ta'eef, namni hojii ogbarruu tokko irratti xiinxala taasisus dhimma irratti xiyyeeffachuu barbaadu erga adda baaseen booda yaaxxina dhimma sanaan walqabatu filachuudhaan qorannoo isaa gaggeessuu qaba.

Kanuma ka'umsa godhachuudhaan ragaan toora intarneetii irraa argame haala kanaan ibseera Theory is the process of understanding what the nature of is, what functions it has what the relation of text is to author, to reader, to language, to society, to history. It is not judgment but understanding of the frames of judgment "[www.thefreedictionary.com/criticism](http://www.thefreedictionary.com/criticism)". Waraabbii kanarraa kan hubatamu, faayidaa ogbarruu, walitti dhufeenya barreessaafi barreeffamichaa dubbisaa, hawaasaa, seenaafi afaan ittiin barreeffamee kan agarsiisu ta'uusaatu hubatama.

### 2.3 Afoola

Afoola jechuun muuxannoo hawaasni tokko jiruufi jireenya isaa keessatti isamuudatu akkasumas wantoota adda addaa kan isaan kalaqan kan hammatujechuudha. Dhimmoonni kunis dhalootaa gara dhalootatti afaaniin darbaa kandhufee ammas darbaa kan jiruudha. Maalummaa afoolaa irratti hayyoonni hiikagaraagaraa kennaniiru. Addunyaa (2014:166) waa'ee afoolaa haala kanaa gadiikanaan ibsa.

Afoolli ogummaa (wisdom)labata tokkoo kan biraatti afaaniindarbuudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama, beekumsa natoofi baranee ittiin hubatuufi ibsu jechuunisnidanda'ama. Kanamalees, sochii miiraafi sammuu isaa keessattilubbuu godhate miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuunkan dhiheessu sammuu kan dammaksu, miira kakaasee kansissi'eessu, hojii uumee ta'uun isaas ifa' jechuun barreessera.

Yaada barreeffama kannaarra wanti hubatamu, afoolli dhalootaa gara dhalootatti afaaniin darbaa kan dhufe ta'uusaatu hubatama. Kanamalees, afoolli jiruufijireenya hawaasaa keessatti wantoota darbe kuusaa hawaasaa keessaa baasuun isaammaa waliin kan wal-madaalchisuuf ooludha. Gama biraan immoo, wantootasammuu dhala namaa gammachiisuu danda'an akkasumas, miidhagina addaagonfachuun kan sammuu ilma namaa sissi'eessu akka ta'e kan hubatamuudha. Kanaafuu, afoolli faayidaa adda addaa qaba jechuudha. Girmaafi kaawwaan(2001 :42) faayidaa afoolaa akkasiin ibsu.

Afoolli haala jireenya hawaasa tokkoo murteessuufi kuufama bekamaa kan fuulduratti hawaasa fuudhee deemu ta'uu isaahubanna. Hawaasni afoola isaatiin muuxannoo, jiruufi jireenyaa, duudhaafi rakkina isa muudate ittiin ibsata. Kana malees, uuxannoo hawaasni dur keessa darbe isa amma jiruuf malli ittiin qaqqabu afoolani. Kana jechuun, afoolli aadaa ummata tokkootti lubbuu horee umurii dheeraa akka qabaatu taasisa jechuudha. Hawaasni tokko seenaa akkamii keessa darbee akka dhufe addabaafachuuf afoolliifi wantoonni isa keessatti hammatamaniin ibsata.

Walumaagalatti hawaasni tokko madda dhaloota isaa yookin haala ittiin wal-hore, hakuuccaa irra gahaa ture, quunnamtii inni hawaasa biroo waliin qabu, hunda kanittiin dhalootaa dhalootatti afaaniin dabarsu afoolani. Kanamalees, afoola keessatti waan of taanuuf, of beekuus nidandeenya. Adeemsi of beekuu umurii guutuunamaa wajjin kan jiraatu yoo ta'eeyyuu, namni afoolaafi uummata isaa beekuunbarbaachisaadha.

## 2.2. Gosoota Afoolaa

Afoolli gosoota adda addaa kan qabuudha. Kanuma sababeeffachuun Yaadannoo(2014:9) afoola bakka addaatti qoodeera. Gosoota afoolaa keessamuraasni armaan gadiitti ibsamaniiru.

### 2.2.1 Mammaaksa

Mammaaksi gosoota afoolaa keessaa isaa tokko ta'ee jecha gabaabaa ogummaa hawaasaa kan darbeefi kan dhufu karaa miira keenyatti dhagahamuun kan ibsuudha. Kanamalees, mammaaksi dubbii fixuufi fiduu kan danda'uudha. Kana jechuun namni tokko haasawa tokko eegaluuf mammaaksatti dhimma baha.

Akkasumas dubbii eegalame tokko xummuruuf mammaaksi bakka olaanaa qaba. Kanaafuu, mammaaksi dubbii dheeraa ta'e tokko yeroo gabaabaa keessatti walitticuunfee kan ibsuudha.

Yaadannoo (2014:17) dhimmoota mammaaksa keessatti xiyyeeffannoo argachuuqaban haala armaan gadii kanaan ibsa.

Mammaaksi yeroo itti mammaakamu qaba. Waan mammaakamuufi qaba. Kunis haasaan haasa'amaa jiruufi mammaaksi mammaakamu kan walcimsu ta'uu qaba. Kanajechuun mammaaksi yeroo gaddaa, gammachuu, waldhabbii yookiin tuffii yaada keenya karaa ifaa, gabaabaafi qulqulluuta'eenibsuuf nu gargaara. Kanaafuu, jechoonni akka gaabbii jaalala, gadda, gammachuu, obsa, ..... ergaa mammaasati.

Yaada armaan olii kana keessatti mammaaksi mata-duree dubbii wajjin kan deemuufi waan dubbatamaa jiru wajjin kan wal-fakkaatu ta'uu qaba. Kanajechuun immoo mammaaksi mammaakamu sun dubbii haasa'amaa jiru sana wajjin wal-simuu qaba. Kanamalees, hiika mataasaa danda'e kennuu qabajechuudha. Fakkeenya: "Aak jedhan waa tufan, mammaaksan waa himan" jedhan. Mammaaksa kanarraa kan hubatamu, namni tokko akkuma itti dhufettimammaaka osoo hintaane dhimma yookin dhaamsa wayii dabarfachuu qabajechuudha. Mammaaksi kunis haala dubbii irratti hundaa'uun ergaa adda addaa dabarsu. Mammaaksi faayidaa baay'ee qaba. Kanuma cimsuun Misgaanuu(2014:49) faayidaa mammaaksi qabu haala kanaa gadiin ibsa.

Mammaaksi qajeelfama yaadni waliigalaatti hawaasa tokkokeessatti fudhatama qabuufi yaada jireenya dhala namaafiilaalcha addunyaa wajjin kan walsimuudha. Akkasumas mammaaksi akkuma waliigalaatti to'annoo hawaasaa shaakaluuf'adeemsaafi jecha dhibee guddina yerootti quunnamu.



Mammaaksi Waa'ee aadaa saba mammaaksichatti dhimma ba'uu yoo ibsan, gariin immoo seenaa hawaasichaa ibsa. Kan caasaa walitti dhufeenya hawaasichaa umriin, gitaan, saalaan, dhimmadubartootaas ta'ee ijoolleefi haala jireenyaa ibsanis nijiru. Mammaaksi sammuu namaa keessatti qophaa'a; namattis dubbatama. Kunis mammaaksiifi hawaasni addaan akka hinbaane ta'uu agarsiisa.

Mammaaksi dhimmoota adda addaa keessatti kan barbaadamuudha. Kunis dhimmoota hawaasummaa kamiyyuu keessatti kan itti gargaaramnuudha. Kunis dhimmoota jiruufi jireenya hawaasaa tokkoo keessatti mammaaksi iddoo kamiyyuu keessatti kan mul'atuufi yeroo adda addaa keessatti kan dhimma ittibahamuudha. Kanaafuu, mammaaksi jiruufi jireenya hawaasaa keessatti golli innikeessa hinseenne waan hinjirreef mammaaksi shoora olaanaa kan qabuudha.

### **2.2.2 Sheekkoo**

Sheekkoon yookiin durduriin gosoota afoolaa keessaa isa tokko ta'ee bifa hololootiin kan dhihaatudha. Durduriin bifa seenaa fakkaatuun wantoota yeroo dheeraa keessatti raawwatamaniif kan seeneffamuudha. As keessatti immoowantoonni adda addaa haala garaagaraatiin kan dhihaataniidha. Kana malees, bineensonni akka dhala namaatti yemmuu isaan gamtaan jiraachaa akkasumasinni tokko isa tokkorratti waan hintaane hojjechuun booda immoo injifatamu kanagarsiisu faatu jira. Kun immoo dhalli namaa waan akkanaa kana hojjechuurra akka of qusatuuf kan gargaaruudha. Oduun duriin faayidaa adda addaa kanqabuudha. Misgaanuu (2014:41) akkasitti ibsa.

Oduun durii gosoota afoolaa keessaa isa tokko ta'ee bifa hololoo yookiin seenessuutiin kan mul'atuudha. Uummanni Oromoo oduu duriisaatti gargaaramee tokkummaa, jaalala, cimnia, waliif yaaduu, waadaa eegee, bilchina, abshaalummaa, waltumsuu, walumaagalatti faayidaa kaayyoo tokkoof waliin dhaabaachuu akka qabu uummata isaa barsiisa jechuun barreesse.

Oduun durii jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti waa'ee dhimmoota siyaasaa, diinagdee, seenaa, duudhaa, safuufi dhugeeffannoo uummata tokkoo ibsuuf faayidaa guddaa kan qabuudha. Dhimmoonni armaan oliitti maqaa dhahaman kunimmoo, jireenya guyyuu keessatti kan hawaasa quunnaman waan ta'eef oduun durii faayidaa guddaa qabaachuusaatu hubatama.

### **2.2.3 Hiibboo**

Hiibboon akaakuu afoolaa keessaa isa tokko ta'ee bifa gaaffii deebiitiin kan dhiyaatuudha. Akkuma beekamu yeroo durii osoo barnoonni ammayyaa hin eegalam in dura hawaasni Oromoo ijoollee isaa sammuu qaree guddisuuf hiibbotti dhimma bahaa ture.

Kunis, ijoolleen waan naannoo isaanitti argamanirratti hundaa'un waan isaan irraa fagoo jiran akka baraniif gargaara. Kanaafuu, lakkoofsaafi namoota ollaa isaanii jiran addaan baasanii akka beekaniif hiibboon shoorra olaanaa qaba jechuudha. Kana ilaalchisee Yaadannoo (2014:103) yoo ibsu:

Hibboon afoola Oromoo keessaa isa tokko ta'ee kan hawaasni Oromoo jiruufi jireenyasaa keessatti yeroo waariifi waaree bifa gaaffiifi deebiitiin ilmaan isaa ittiin barsiisudha. Hiibboo gaggeessuuf namoonni lama kan gaaffii gaafatuufi kan deebisaadeebisu dirqama jiraachuu qaba. Hiibboon akkaataa itti dhihaatu adeemsa mataasaa qaba. Kana jechuun kan gaafatu yeroo gaafatuinni kaanimmoo nidhaggeeffata. Kan gaafatame yoo deebisaawallaalu biyya kennaaf; sana booda arrabssoon arrabsamajechuun ibseera.

Yaada armaan gadiirraa kan hubatamu hiibboon kan taphatamu bashannanuuf qofa osoo hintaane dandeettii yaaduu ijoolleefi daa'immanii cimsuuf gahee kanqabuudha. Kanaafuu, daaimman hiibboo kan taphatan yoo ta'e dandeettii waayaaduu kan gabbifataniidha. Gama biraan, hiibboon amala namaas ta'ee kan wantootaafi akkasumas kan beeyladooataa ijoollee barsiisuuf ga'ee guddaa kan qabuudha. Karaa biroonis, hiibboon barnoota keessatti faayidaa guddaa akkaqabuudha.

The explicit purpose of riddles, then, is mostl invariably amusement. Commentators have, however predictably pointedmany of their incidental functions as well. Besides entertainment,riddles are some times claimed to play an in direct educationalrole by training children in quick thinking in intellectual skills andin classification, providing through their sexual or comic bias, arelease from tensions imposed by moral and social code, orleading to fullet participatipon in social life (Finnegan R.1984:442)

### **2.3 Maalummaa Malleen Dubbii**

Malleen dubbii jechuun gosoota afoolaa keessaa isa tokko ta'ee barreeffamni tokko yookin haasofni tokko sammuu dhalaa namaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraaf osoo hin'irraanfataamin akka turuuf kan gargaarudha.Yaaduma kana deeggaruun Yaadannoo (2014:83) waa'ee malleen dubbii akkaataarmaan gadii kanaan ibsa.

Dubbiiwwan qolaa kun sadoommii yookin malleen dubbii jedhamuun beekkamuu. Maanguddoonni Oromoo durii afaanin yookin barreessitoonni ammayyaa hojiiwwan barreeffamoota akka asoosamaa, diraamaa, walaloo, hololoo, waliin dubbii, adda addaa keessatti ijoo dubbii sanii haala mi'awaafi miira namaa harkisuun yaadan fakkii sammuu keenya keessatti uumanii kan barbaadan xiqqeessuun,kan tuffachuu barbaadan jajuun kan abaaruu fedhan eebbisuun

salphaatti dagatamuu akka dagatamu hin daandeenyen hubachiisuuf kan itti fayyadaman dubbii qolaa yookin sadoommii jedhama jechuun ibseera.

Malleen dubbii haasawaafi barreeffama keessatti akka itti fayyadamnu kan ibsuudha. Kana jechuun maanguddoonni haasawa taasisan keessatti malleen dubbiitti akka gargaaramaniifi wanti dubbatan sun sammuu namaa keessatti osoo hindagatamin akka turuuf akka tajaajilu hubachuun nidanda'ama.

Kana biraan,immoo barreeffama ammayyaa keessattis malleen dubbii yaadni barreeffamasanaa dubbistoota biratti akka fudhatamummaafi beekkamtii argataniif akkatajaajiluu hubachuun kan danda'amuudha. Kanaafuu, akka waliigalaatti malleen dubbii barreeffamaafi dubbii keessatti bakka olaanaa akka qabu hubachuun

nidanda'ama.Hiika malleen dubbiirratti Isaaq (2003:5) Zarihuun (1995:105) wabeeffachuunakkasitti ibsa.

Malleen dubbii dhimma tokko kan ibsu haala galumsaafi hiika jechootaa yookin gaaleewwanii kan barataman irraa bifa addata'een yookin yaada addaafi filatamaa ta'een cimsee kanibsuudha. Sadoommiin kan uumamu amala, miira, gochaafi haalawajjin wal-dogomsiiisuun, fakkeessuun amala isa tokkoo kanbiroof kennuun yookin jijjiiruufi bakka buusuudhaani jechuunaddeesse.

Yaada kanarraa wanti hubatamu malleen dubbii haala adda addaa keessaatti kanitti gargaaramnuufi faayidaa akka qabu hubachuun nidanda'ama. Kunis hiikajechootaa barreeffama keessattis ta'ee dubbii keessatti haala duraan beeknusanarraa bifa adda ta'een kan itti gargaaramnu waam ta'eef hiikni jechoota achikeessatti argamanii hiika kallattii osoo hintaane akkaataa malleen dubbii sun hiikaitti argachuu qabaniin kan hiikamu waan ta'eef, malleen dubbii faayidaa addaaddaa akka qabu hubachuun nidanda'ama.Yaaduma kana deeggaruun, Addunyaa(2014:208) haala armaan gadiin ibsa.

Malleen dubbii fayyadama afaanii kan haala salphaa ta'een ergaatokko nama hubachiisaniidha. Kana jechuun karaa ittiin waanguddaa tokko kineessanii,kinoo immoo arbeessanii, binoonameessanii, namoo binensanii, wal-cinaas qabanii, cinaachaanhimaniifi wkf taasisuun hubannoof haala mijeessan jechuunbarreesseera.

Akkaataa fayyadama afaanii keessatti ergaa waan tokkoo haala garaagaraatiin dabarsuuf kan gargaaran malleen dubbiitti. Kana jechuun wantoota adda addaawaan birootiin wal-bira qabuun

wal-dorgmsiisaa, akkasumas waan amala namaahinqabne amala dhala namaa gonfachiisuun ergaa waan dabarsuu barbaanne tokkoo salphaatti akka hubatamuuf kan tajaajilaniidha.

Fayyadama afaanii yemmuu jennu immoo akkaataa adda addaatiin ibsuun nidanda'ama. Haasawasa namoota lama gidduutti taasifamu keessatti fayyadamni afaanii bal'inaan mul'achuu nidanda'a. Kunis, haasawa keenya keessatti sagalee gar-malee olkaasuun, giddu-galeessattiifi gadi-buusani sagaleessuun fayyadama afaanii keessa isa tokko. Kun immoo waan tokko humnaa ol guddisuun malleen dubbii.Kanatti dabalees, amala waan tokkoo garmalee gadi buusuun xineessuunis akkasuma waan ta'eef fayyadama afaanii keessatti malleen dubbii dhimma baana jechuudha.

Waa'ee malleen dubbii Harry (1972:208) yemmuu ibsu, "A figure of speech in which the literal (denotative) meaning of a word or statement is the opposite of that intended. In literature, it is a technique of indicating an intention or attitude opposed to what is actually stated" jechuun barreessaera. Qabxii kanarraa kan hubatamu, malleen dubbii barreessamoota yaad-uumeefi dubbii haasawamu tokko amansiisaataasisuuf gahee guddaa taphachuu akka danda'uudha.

Kana jechuun tajaajilli malleen dubbii barreessama keessatti qofa osoo hintane waliin dubbii namoonni taasisan keessattis shoorra olaanaa taphaachuu isaatu hubatama. Kanamalees, kaninni tajaajilu afaaniifi umrii sadarkaa kamiyyuu keessatti faayidaa kennuun isaas kan hubatamuudha.

Malaakneeh (1999:64) waa'ee malleen dubbii yoo ibsu, malleen dubbii bifa ittiin yaada ibsan ta'ee, jecha beekame yookin baratameefi akkasumas tartiiba himaa dhiibbaa addaa uumuuf godhamuudha. Kunis ergaan isaa barreessamaan isa taa'eerra kan darbuudha. Isa kanarraa kan hubatamu malleen dubbii akkaataa namni tokko haasaawa duraan beekurraa akkaataa adda ta'een nama biroo ittiin dabarsuuf kan tajaajiluudha. Kana jechuun yaada dubbatamu tokkoof hiikni kennamu sun hiika duraarraa haala dhokataa ta'een kan dhihaatu jechuudha.

## **2.4 Gosoota Malleen Dubbii**

Gosoota malleen dubbii ilaalchisee Guddon (1982:27) yemmuu qoqqoodu, "There are many figure of speech devices. Figure of speech divided into: simile, metaphor, personification, apostrophe, hyperbola, antithesis, synecdoche, paradox and symbol" jechuun qoqqoodeera.

Isa kanarraa kan hubatamu malleen dubbii gosoota adda addaa qabaachuu isaaniti. Isaanis: akkasa, iddeessuu, nameessuu,atee, jedhiyaadii, habalaka, arbeessuu, mitihee, fakkoofi mallattoo ta'u jechuudha. Gosoonni isaanii kunis armaan gadiitti fakkeenya waliin ibsamaniiru.

#### **2.4.1 Nameessuu**

Nameessuun gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta'een amala dhala namaalubbu-qabeeyyii yookin lubbu-maleeyyii biroof kennuun dandeettii dhala namaa gonfachiisuun kan ibasmuudha. Yaaduma kana deeggaruun Addunyaa (2014:211)yoo akkasiin ibsa.

Akkuma maqaa isaa nameessaan lubbu-maleeyyii yookaan lubbbu-qabeeyyii biroo amala namaa gonfachiisuudha. Haala kanaan akkanaamaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka Galan, ijaaranii akka diigan, dhiyaatanii akka hiiqaniifi wkf akka dalagan kan taasisu fayyadama afaaniti" jechuun barreesseera.

Yaada armaan olii kanarraa kan hubatamu, ogummaafi dandeettii dhala namaa akkaataafi yeroo addaa addaa keessatti wantoota garaagaraaf kennuun maleendubbii keessaa nameessuu akka ta'ee hubachuun nidanda'amaa. Miller fi Greenberg (1991:66) maalummaa nameessuu akkanatti ibsaniiru.

Personification is used in speech and writing for giving inanimate objects, abstract concepts or actions, human or near human characteristics, having the quality of metaphor since it is a metaphoric way of spicing up writing, and making the abstract more relatable. In it, distinctive human characteristics, e.g. honesty, emotion, volition, etc., are attributed to an animal, object or ideas

Nameessuun barreessuufi dubbii keessatti kan itti gargaaramnuudha. Kunis amaloota wantoota qabatamoofi mul'achuu hindandeenyeef amala namaa akkeessuun gochaafi dandeettii dhala namaa kan namootaan ala ta'an kanneen akka bineensotaa, biqiltootaafi lubbu-qabeeyyiiif kennuun kennuun bakka buusuun nameessuu jedhama.

Malleen dubbii kana keessatti namaan ala kan ta'an yoo nyaatan, dhugan, yaadan, koflan, taphatan, akkasumas gochoota namaa kan biroos yoo hojjetan kan mul'ataniidha. Gama biraan, Fedhasaa (2013:98) maalummaa nameessuu yemmuu ibsu, nameessi dubbii qolaa wanta, horii, bineensaafi kan kana fakkaatan amalananummaa gonfachiisuun dhiheessudha.

Mala bineensonni ittiin amala ilmanamaa wantoota biroo gonfachiisuun hojiisaanitti humna horaniidha” jechuunibse. Walumaagalatti yaada kanarraa kan hubatamu nameessuun wantoota addaaddaa dandeettii dhala gofachiisuun nameessuu jedhama.

Yaaduma olii kana deeggaruun Miller and Currie (1970:74) yoo ibsan, “Personification is a figure of speech in which an abstract idea, inanimate object, or aspect of nature is described as if it were human” jechuun ibsan. Kana jechuunwaan dandeettii dhala namaa hinqabne tokko akka dhala namaatti fudhachuun dhiheesuu jechuudha. Fakkeenya:

- “Osoo beeknuu huuba wajjin nyaanna” jette sareen
- “Kan garaa malee kan maqaa maal nu dhibe” jedhe waraabessi.
- “Maqaan baduu mannaa mataan baduu wayya” jette goondaan.

Walumaagalatti fakkeenya armaan olii kanarraa wanti hubannu, bineensonni addaa addaa yemmuu akka dhala namaatti afaan baasanii dubbatan agarra. Kana jechuunakkuma dhala namaa jechoota garaagaraa walitti qindeessuun afaaniin dubbatani amansiisuufi yaada isaanii ibsachuu akka danda’aniidha. Kanaafu, lubbu-qabeeyyis ta’ee lubbu-maleeyyiin amala ilmi namaa qabu fudhachiisuun dhimmaitti bahuun gosoota malleen dubbii keessaa nameessuu ta’a.

#### **2.4.2 Iddeessuu**

Iddeessuun wantoota amalaan wal-fakkeessanii ibsuun amala waan tokkoo isa biroottiin bakka buusani ibsuudha. Malli dubbii iddeessaa jedhu gaalee „iddooisaa“ jedhurraa ijaaramee waan tokko guutumaan guututti amala waan biraagonfachiisuun kan dhiheessuudha. Kanuma deeggaruun Addunyaafi Kaawwan(2005:82) yoo ibsan, “Akaakuun malleen dubbii kan tokkummaa wantoota lamaafudhachuun isa tokko iddoo isa biraa buusuun keessootti waldorgomsiisuudha.

Jechichis kan uumame jechoot ‘iddoo fi isaa’ jedhaniirratti” jechuun ibsaniiru. Gosti mala dubbii kanaa karaa dhokataa ta’een wantoota lama waldorgomsiisa. Yaaduma kana cimisuun (Lawrence 1972:11) haala armaan gadii kanaan ibsa.

This definition ties in with the notion of metaphor (one type of figurative language) as defined in traditional rhetoric. The word itself derives from the Greek „meta“ expressing change, and pherein“ meaning „to carry“ (In other words, metaphors involve a „carrying across“ of meaning from one object to another.

Thus, a comparison is made between two essentially dissimilar things by identifying one with the other jechuun ibsa.

Kanarraa hubachuun kan danda'amu jechi iddeessu kun maddisaa Giriik yemmuu ta'u, wantoota gosaan wal hinfakkaanne lama waldorgomsiisuun amala waantokkoo waan biraan bakka buusuun ibsuuf kan tajaajiluudha. Kunis ergaa waandubbatamu tokko hubachuuf waan isa biroon bakka buufame sanarratti hundaa'uun kan hubatamuudha.

Iddeessuun kan wanta tokko waan birootin bakka buufnee ibsinuudha. Walaloo keessattis bu'uura kan ta'eedha. Walmadaalchisuun iddeessu keessatti yeroohunda fuulleefi fuulletti kan hinmul'anneedha. Yaada kanarraa wanti argachuu dandeenyu wantoota adda addaa bakka walii buusuun waan tokko akkaataa hin beekkamneen isa birootin waldorgomsiisuun akka danda'amuudha. Kuniswantooni bakka walii bu'an kun gosaafi amalaan kan wal-hinfakkaanne yemmuuta'ann, wantoota kana bakka walii buusuun itti gargaaramuun kunis iddeessuujedhama. Waa'ee akkasaa ilaalchisee Fedhasaa (2012:97) akkasii gadii kanaanibsa.

Iddeessi kan wanta tokko bakka waan biraa buusee, waanuma, waanuma sana taasisuudha. Jechoota akka, amma, fakkaata, caala jedhan hin fayyadamu malee innis dorgomsiisa wantoota walhinfakkaanne lamaati.....Iddeessi akkasa caalaa hubannoon xiinxaluu barbaada. Sababnisaa, jechoota murtaa'aniin hin mallatteeffamu. Baay'ee dhokataafi bira gahuuf kan namarakkisuudha. Kunis iddeessi waan tokko waan biroo taasisuun kanagarsiisu waan ta'eef sirriitti xiinxaluu barbaada jechuun ibseera.

Yaadni kunis iddeessuun waan tokko waan birootiin bakka buusuun waan sanaibsuufi akkasumas amala waan sanii karaa dhokataa ta'ee guutumatti kan mallatteessuu hindandeenye waan ta'eef, xiyyeeffnnoo guddaa kan barbaadudha.

Akkasumas iddeessuufi akkasaan wantoota lama waldorgomsiisuu isaaniitiin akka walfakkaataniifi jechoota akkasaan gargaaramu iddeessi kan itti hin gargaaramne ta'uu isaaniitiin garaagarummaa akka qaban hubachuun nidanda'a.maKaraa biraatin immoo, iddeessuun yaada sanaaf hiika kennuuf aadaafi ilaalcha hawaasichaarratti hundaa'uun yaada isa duraa sanarraa adda ta'a.

Yaada kanacimsuun Hayakawa (1974: 105) yoo ibsu, "The kinds of figurative language we use stems from the underlying values and assumptions of our culture or society: „a well-understood metaphor in one culture may have entirely different meanings in another part of the world"

jechuun barreesseera. Eгаа yaada kanarraa hubachuun kan danda' amu, iddeessuun malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee ergaa waansanaa hubachuuf aadaafi safuu hawaasichaa sirriitti beekuufi hubachuun barbaachisaadha. Kunis hiikni duraan beeknu sun yaada isa lammataa kanahubachuuf shoora olaanaa qaba. Fakkeenyaaf:

- Elemoo Qilxuu leenca Oromooti.
- Oromoon kanniisa.
- Irgi Daraartuu baddeessa Birraati.

Himoota armaan olii kana keessatti inni tokko iddoo isa biroo bu'uun amala waan sanaa yemmuu qooddatu nimul'ata. Hima tokkoffaa keessatti gootummaa Elemoon qabu agarsiisuuf jecha iddoo leencaa buusuun ifatti kan mul'atuudha.

Hima ittaanu kana keessattis Uummanni Oromoo bakka kannisaa bu'uu danda'eera. Kunis uummanni kun waan hunda keessatti yemmuu hirmaatu gamtaan akka wal-gargaaru agarsiisuuf jecha qaama kanniisaan bakka buusuunnihubatama. Hima isa dhumaa keessattis miidhagina irga Daraartuu nama biraatti himuuf baddeessa Birraa waliin wal-bira qabameera. Kunis baddeessi Birraayemmuu bilchaate bifa gurraacha kan qabuufi kan ofitti nama hawwatuudha.

Kanaafuu, dhimmoonni armaan olitti ka'an kun kan nama hubachiisu amala wanti tokko qabu iddoo waan tokkoo buusuun itti gargaaramun iddeessuu akka jedhamuudha.

### **2.4.3 Akkasaa**

Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee jechoota „akkaafi fakkaata” jedhamanitti dhimma bahuun wantoota lama wal-cinaa qabuun isatokko isa biraatin ilaaluudha. Addunyaafi kaawwan (2005:82)yemmuu ibsan,“Akkasaan mala ittiin wantoota lama wal-cina qabuun isa tokko isa biraa tiinilaalanidha. Kunis jechoota akka, fakkaata, gaha” jedhanitti dhimma baha”jechuun ibsa. Akkasumas akkasaan dhimmoota lama kanneen uumamaan tokko hinta'in bifa yookin amala isaaniitiin walbira qabuun waliin madaalee kan agarsiisudha.

Maalummaa akkasaa Fedhsaa (2013:97) yoo ibsu, “Akkasaan waldorgomsiisa wantoota lamaati. Kana jechuun jechuun jechoota akka, fakkaata, caala, amma,jedhan gargaaramuun waldorgomsiisa. Garuu, akkasaan walfakkeenya tokkokaraa dhokataa ta'een ibsa jechuun



addeesseera. Yaadni kunis akkasaanwantoota lama walbira qabuun jechoota isaan kana lameen waldorgomsiisuu danda' anitti dhimma bahuun kan itti gargaamnuudha. Fakkeenyaaf

- a. Dhaloonnii ammaa kunis akka J/Taaddasaa Birruutti goota.
- b. Caalaa Bultumee goota abbaa isaa fakkaatuudha.

Fakeenyi armaan olii kana keessatti wantoota adda addaa wal-bira qabuun wal-dorgomsiisuun nimul'ata. Hima tokkoffaa keessatti labata amma jiruufi gooticha Oromoo kan osoo mirga sabasaa kabachiisuuf diinaan falmu waraagame Jeneraal Taaddasaa waliin yemmuu wal-bira qabuun wal-madaalchisnu agarra. Kanaafuu,wantootaafi dhala dhala namaa wal-bira qabuun jechoota akkaafi fakkaata jedhamanitti gargaaramuun wal-dorgomsiisuun malleen dubbii keessaa akkasajedhama.

#### **2.4.4 Habalaka**

Malli dubbii kun dhaamsa tokko faallaa isaatiin dabarsuuf kan gargaaru. Kana jechuun dhaamsa osoo ifatti hinbaasiin karaa dhoksa ta'een dabarsuuf kangargaaru jechuudha. Habalakni yookin agiboon kan jechoonni hiika kallattii achikeessa jiran hiika faallaa wanta yaadamee sanaa ta'ee kan argamuudha. Habalakni mala yaada duraan dhugaan jiru tokko faallessinee agarsiisnudha.

Yaadumaarmaan olii kana cimsuun Fedhasaa (2013:97) waa'ee habalaka akkaataa armaangadii kanaan ibseera.

Habalalkni dubbii addummaa wanta fakkaatuufi dhugaan ta'e gidduutti mul'atuudha. As keessatti wanti jedhamuuf ka'e isa jedhame miti. Hiikasaa hubachuun kan danda'amu waan barreessaan dhugaan jechaa jiruu sirriitti yoo hubatameedha. Hiikni himamu faallaa isa jedhameeti. Fakkeenyaaf, mucaa waaballeesse tokkoon „ishoo kormee koo jabaadhu!“ yoo jedhan habalaka. Sababnisaa, balleessatti jajjabeessuun seera miti. Akkabaay'ee hadheeffatan ibsuuf habalakaan kan dubbatanidha.Kanaafuu, habalakni yaada faallaa ta'e qaba jechuun barreessera.

Yaadni armaan olii kunis dhimma tokko karaa faallaa isaatiin dhaamsa tokkodabarsuuf kan kan itti gargaaramnuudha. Kana jechuun namni tokko dhaamsawan dubbatamu sanaa hubachuun kan danda'amu dhimma dubbatamu sanaaffaallaa isaa yoo beeke qofaadha. Kanaafuu, dhaamsi waan dubbatamu sanaahiikni isaa faallaa isaa waan ta'eef xiyyeeffannoo guddaa itti kennuunbarbaachisaadha. Fakkeenyaaf:

- Nama dheerinan gabaabaa ta'e tokkoon ‘Birbirsii dhuf’

- Nama bifti isaa gurraacha ta'een'' Faranjichi deem''.
- Nama waan tokko balleeseen Jabaadhu waan gaarii hojjechaa jirta.

Himoota armaan olii kana keessatti dhimmoonni achi keessatti argaman waliif faallaa kan ta'aniifi dhaamsi ergichaas caasaa himichaa keessaa kan gara dhumaatti argamuudha. Kana jechuun namni nama dheerinni isaa baay'ee gabaabaa ta'e sanaan namichi birbirsi sun dhufe yemmuu jennu karaa faallaa dhimma dubbachuu barbaanne tokkoof karaa dhokataa ta'een dhaamsa dabarsuun habalaka jedha. Kunis namni tokko ergaasaa osoo qaamni isa bira jiru tokko hin beekin karaa iccitii ta'een nama olla kee jiru tokko hamachuufi wa'eesaa haasa'uuf kan nama tajaajiluudha. Akkasumas dubbii keessatti qofa osoo hintaane barreeffama keessattis qaama nu bira hin jirre tokkoof karaa dhoksa ta'een yaada qabnu dubbistoota keenya biraan ga'uuf kan tajaajilu ta'uusaatu hubatama.

#### **2.4.5 Mitihee**

Wantoota waliif faallaa ta'an lamaan yaada tokko keessatti ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaaruudha. Kanumarraa ka'uun, Addunyaafi kaawwan (2005:83) yooibsan, "Wantoota walii faallaa ta'an lamaan yaada keenya ibsuu yoo barbaanne mala nu gargaarudha" jechuun ibseera. Fakkeenyaaf:

- Gurmuun osoo falmatu gabroome.
- Inni osoo nyaatuu beela'a.
- Gurmuun osoo qotuu deega.

Himoota armaan olii keessatti jechoota waliif hiika faallaa ta'an qabanitu argama. Hima tokkoffaa keessatti "Gurmuun osoo falmuu gabroom" kan jedhutu jira.

Kunis namni tokko mirgasaafi sabasaa kabachiisuuf osoo carraaquu gabrummaa keessatti kufuu isaatu hubatama. Silaa, namni mirgaaf falmu tokko diinasaa injifachuun bilisummaa argachuu qaba ture. Garuu, haalli kun waan isaaf hin milkoofneef gabrummaa jalatti kufuu dnda'eera. Kanaafuu, jechoonnigabrummaafi bilisummaa jedhaman kun hiika faallaa kan waliif qabaniidha.

Kanumatti aansee immoo hima lammaffaa keessatti jechoota nyaachuufi beela'uu argachuu nidandeenya. Hima kana keessatti namni waan tokko nyaatuhammuma fedhe yoo beela'es quufuun isaa waan oolamuu miti. Garuu, isa kanakeessatti namni tokko osuma nyaatuu quufuu

dhiisee yemmuu inni beela'u argachuun nidanda'ama. Walumaagalatti, hima tokko keessatti jechoota waliifhiika faallaa qaban hima tokko keessatti wal-faana galchuun dhimma itti bahuun akaakuu malleen dubbii keessaa habalaka ta'a jechuudha.

#### **2.4.6 Arbeessuu**

Malli dubbii kun amala wanti tokko qabu gar-malee ol kaasuun yookin gar-maleegadi buusuun ibsuuf kan gargaaruudha. Kana jechuun yaada tokko arbeessuu fi xineessuun ibsuuf kan tajaajiluudha. Addunyaafi kaawwan (2005:83), "Mallii dubbii kun waan tokko garmalee arbeessuun ykn kineessuun dhiyeessuu ilaallata" jedhu. Arbeessuun dhugaa jiru tokko irratti garmalee dabaluuudha. Malli dubbii kun olkaasanii mul'isuuf yookin miira dinqisiifannaa nama keessatti uumuuffayyada. Fakkeenyaaf:

- Bareeddinni fuula ishee aduu golgoleessa.
- Manni obbo Tulluu bal'ina isaatiin farda gulufsiisa.
- Waaqoon dheerina isaatiin samii kana tuqa.
- Namicha hamma kormaa lukkuu dheeratu tokkotu natti dhufe

Akkuma himoota armaan oliirraa hubachuun danda'amutti amala wanti yookin namni tokko qabu humnaa ol guddisuufi gadi buusuun nimul'ata. Hima tokkoffaa keessatti "Bareeddinni fuula ishee aduu golgoleess" kan jedhutu jira. Kana jechuun dhalli namaa tokko hammuma fedhe kan miidhagdu osoo taatee ifti yookin miidhaginni qaama ishee aduu guyyaa dukkaneessuu hindanda'u. Kanajechuun namni sun bareedina haaqabaattu malee hamma kana humnaa olguddisuun kan muldhatuudha.

Hima isa dhumaan kanarratti "Namicha hamma kormaa lukkuu dheeratu tokkotunatti dhufe" kan jedhutu jira. Egaa akkuma beekamu dhalli namaa dhaabbiisaatiin gabaabaa yookin dheeraa ta'uu nidanda'a. Haata'u malee himakana keessatti namni sun gabaabaa ta'uusaa agarsiisuuf jecha gabaabbina isaakana garmalee gabaabsuun achi keessatti kan mul'atuudha. Kana jechuun namnikun gabaabbatus hamma lukkuu gabaabbachuu waan hindandeenyeef, amalawanti yookin dhalli namaa qabu tokko ol guddisuufi kineessuun kun arbeessuu /ukukkubsuu jedhama. Kanumarraa ka'uun arbeessuun himoota armaan olii kanam keessatti bal'inaan mul'achuu isaatu hubatama.

#### 2.4.7 Atee /Jedhiyaadii

Jedhiyaadiin waan nu bira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiheessuun kan itti gargaaramnuudha. Yaada kana deeggaruun Isaaq (2003:10) Zarihuun

(1992: 116) wabeeffachuun haala kanaan ibseera.

Jedhiyaadiin waan nu bira hinjirre tokko namas ta'ee namaan ala kanneen ta'an akka waan nu bira jirani nu dhaggeeffataajiraniifi deebii nuuf kennuu danda'anitti fudhachuun, gaaffii gaafachuun, marii wajjin taasisuun, haasofsiisuu, qaaqsuu, gaddisiisuun yookin kofalchiisuu irratti hundaa'ee mala dubbii uumamuudha.

Yaada armaan olii kanarraa hubachuun kan danda'amu, dhala namaas ta'eelubbb-qabeeyyiifi lubbu-maleeyyii kamiyyuu kan nutti dhahoo hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti itti dubbachuufi haasa'uun kan danda'amuudha.

Adeemsa akkanaa keessattis wanti namatti dhahoo hintaane tokko akka deebiinamaaf kennuu danda'uufi dhagahuu danda'anitti dhiheessuun kunimmoo akaakuu malleen dubbii keessaa ate jedhama.

Fakkeenya

*Si beek yaa Rabbii Rabbi yaa*

*Gumgumaa Yaa dhirsa hundumaaRoobde dhiminitaa*

*Jeejee dhimistaa!(Maddi afoola uummataati)*

Walaloo keessatti yemmuu dhalli namaa Uuman akka waan isa bira jiruufi dubbiisaa dhaggeeffachuu danda'uutti waa'ee Waaqaa yemmuu Waaqatti himuhubachuun kan danda'amuudha. Kana jechuun namni Waaqa ijaan argee beeku jiraachuu baatullee rabbi jiraachuusaa wantootni lafarra jiran kun ragaadha.

Haata'u malee, namichi kun dubbiin isaa kun rabbi akka isa dhagahuuf kandubbateedha. Kanaafuu, waan namatti dhahoo hintaane tokkoofi hiixuu ta'anitti dubbachuufi haasa'uun atee kan jedhamuudha.

#### 2.4.8 Tuqsee

Tuxqseen gosoota malleen dubbii keessa isa tokko ta'ee waan tokko bakka wayii maqaa dhahuun akkasumas namas ta'ee waan biroo maqaa dhahuun akkaataa seenaatiin dhiheessuuf kan gargaarudha.

Yaada kana deeggaruun fedhasaa (2013:8) Tuqxu-seenaan hojii hogbarruu keessatti waa'ee iddoo, namootaafi gochaa karaa mul'atuun yookin alkallattiin wabii godhatee xuquun hojii biroo keessatti kan agarsiisudha" jechuun ibseera. Fakkeenyaaf:

*Inxooxxoo gubbaa dhaabbatanii*

*Caffee ilaaluun nihafee*

*Finfinnee loon geessanii*

*Hora obaasuun nihafee*

*Kora Dhagaa Araaratti*

*Yaa"iin Gullallee nihafee*

*Hurufa Boombitti*

*Jabbii yaasuun nihafee*

*Gafarsatti darbanii*

*Qoraan cabsuun nihafee*

*Bara jarri dhufanii*

*Loon keenyas nidhumanii*

*Bara Mashashaan dhufe*

*Birmadummaan is hafee. (Maddi afoola uummataati)*

Walaloo armaan olii kana keessatti dhimmoota seenaa waliin wal-qabatan hedduutu jira. Kana keessaa bara durii osoo Mootiin Miniliki 2ffaa aangoohinqabatan dura uummanni Oromoo Tuulamaa teessuma magaalaa Finfinnee kanarra jiraachaa kan turaniidha. Haata'u malee mootiin kun erga aango qabateebooda gara naannoo Tuulamni qubatee jiru kana dhufuun uummatarratti waraanabane uummata Oromoo dachee hindhuurrisaa keessatti awwaalamerraa humnaan buqqisuu danda'eera.

Kanumarraa ka'uu, uummanni kunis looniifi dachee gadhiisee yemmuu godaanu akka Hora geessee loon hora obaasuu hindandeenyee fi hurufa Boombitti jabbii yaasuu akka hindandeenye walaloo kana keessatti bifa seenaa qabuun afoolaatiinrakkoo yeroo sana isaanirra gahaa ture

ibsataniiru. Akkasumas yaa'iin kantaams uufi murtiileen adda addaa kan dabarfamu iddoo Gullallee jedhamutti akkatureefi erga mootiin Habashaa kun biyya isaanirraa humnaan isaan ari'ee boodaachis walgahuun akka hindanda'amne kan ibsuudha.

Rakkooleen akkanaa kunerga isaan muudateen booda loon isaanii akka dhumaniifi ajejaan waraanaa yeroosanatti uummata keenya waraanaa tures erga biyya qabatani booda birmadummaan Oromoo lafa isaarratti qabu guutummaan guututti akka bade ibsuu afwalaloo kana uummatichi afoolan ibsateera. Kanaafuu, walaloo kana keessattidhimmoonni seenaa waliin hidhata guddaa qaban achi keessatti waan ibsamanifi maleen dubbii keessaa tuqseen irra-jireessan kan jiruudha.

#### **2.4.9 Irra deddeebii /Fakkee/**

Fakkoon akaakuu malleen dubbii keessaa isa tokko ta'ee wantootni caasaafi hiikaan walgitan yemmuu irra deddeebi'anii galan kan itti gargaaramnudha. Maalummaa fakkoo ilaalchisee Yaadannoo (2014:89) yoo ibsu, "Fakkoon yemmuu gaalee hiikaafi caasaan walfakkaatu irra deebi'uudha. Malli dubbii kuniswalaloo Hibruu, Hindootaafi Ameerikaa keessatti bal'inaan kan mul'atuudha" jechuun ibseera.

Fakkeenyaaf:

.....

*maal carraa hamaan gurbaa*

*irree irree nyaataa*

*moo, irreen irree baataa*

*irree miiloo taayitaa?*

*hoolaan hoolaa tiksaa?*

*moo hoolaa cumaa jigsaa?(Asafaa,206:154)*

Fakkeenya asiin olii kana keessatti jechoonni yeroo lamaafi isaa ol irra deddeebi'an nijiru. Isaanis kanneen akka irreefi hoolaa fa'i. As keessatti wanti hubatamuu qabu jechoonni kun walaloo kana keessatti miidhaginaa addaafixiyyeeffannoo itti kennuuf kan gargaaraniidha. Kanaafuu, walaloo kana keessattidhimma kanatti gargaaramuun cimina barreessaa kanaati. Kunis malleen dubbii kana keessatti fakkoon jiraachuu isaa salphaatti hubachuun kan danda'amuudha.

Malli dubbii armaan olii kun wanta ijaan hinmul'anne yookin waan tokko waanMul'atuun bakka buusanii mul'isuu kan ibsamuudha. Yaaduma kana deeggaruunYaadannoo (2014:90) ibsutti, "Dubbi qolaa kana keessatti wanti tokko waan biraa bakka bu'ee mallatteessuun agarsiisuudha" jechuun hiika. Yaada kanarra hubachuun akka danda'amutti dhimmoota adda addaa keessatti waan tokkoofbakka bu'aa isaa kaasuun akka mul'atutti kaa'un gosoota malleen dubbii keessaa mallatteessuu ta'a jechuudha. Fakkeenyaaf, namni tokko osoo galma wayii fakkiisa akaasee kan namatti agarsiisu ta'ee waan tokko bakka bu'ee isaa qaamabiraatti agarsiisuuf kan tajaajiluudha.

Fakkeenyaaf: "Erbee ciccitaa ofirra buusee natti haasa'e" hima jedhu kana keessatti ergaa himichaa kan ilaallu yoo ta'e akka Oromoon beekutti erbee ciccitaanmallattoo hiyyummaati. Kanaafuu, dhimmoonni akkanaa kun barreeffam akeessattis ta'ee dubbii keessatti bal'inaan kan itti gargaaramnu waan ta'eef malleen dubbii keessaa mallattootti dhimma bahuun kan danda'amuudha.Karaabiraatiin yoo ilaalle Odaan mallattoo eenyummaa Oromooti.

Kanaafuu, Oromoon odaa qabee seenaafi aadaa ofii dubbata. Egaa Odaan saba Oromoof mallattoodhajechuun nidanda'ama. Mala dubbii walaloo keessatti wanta tokko yookaan dhugaa ta'e tokko karaa haala salphaa ta'een namni hubachuu hindandeenyeen yookaan wanta ifatti mul'atu tokkoon dhoksanii akkasumas, bakka buusanii ergaa dabarsuudha.

Maalummaa fakkoommii Alice (1975:5) akkanaa ibseera.Symbolism is a system of signs and as such-like language properly speaking-is amatter for semiology. But while language has its own signals which are onlydefined by their reciprocal articulations and their relation to linguistic meaning, symbolism uses as signals elements, acts or utterances that exist and are alsointerpreted, independent of it.

Yaada kanarraa akka hubatamutti, fakkoommiin akka mallattoo sirnaatti kan ilaalamu ta'ee,dhimma tokko wajjiin walitti hidhuun hiika kan argatu. Ta'us yommuu afaan odeeffannoo mataaisaa xinqooqaan walitti hidhate qabaatu, fakkoommiin akka caacculee mallattoowwanii fi gochaawwaniitti fayyada akkasumas ni xiinxalama jechuudha.

Yaaduma kana Melakneh (2006:146) yoo yoo cimsu " Symbolism is the representation of reality on one level of areference by corresponding reality it is a dominant literary device in the poetry" jechuun ibsa.Kana jechuun, barreeffama walaloo keessatti mala dubbii fakkoommii kan jedhamu

wantadhugaa ta'e tokko kan yaada bal'aafi waan bal'aa ta'e bakka bu'uun dhugummaa waan sanaa kanmul'isuudha.

Dabalataan, isuma (2006:65) kitaaba isaa keessatti akka kaa'utti, "Symbol is a thing could be an object, person, situation or action which stands for some thing else more abstract for example, our flag is a symbol of our country." Yaada kana irraa akka hubatamutti, malli dubbii kun wantoota, namoota, haalota yookiin gochaawwan kanneen yaadoota hinmul'anne (abstract) ta'aniin kan darbuudha. Fakkeenyaaf:

Alaabaan keenya mallattoo biyya keenyaati. Yaaduma kana Katz (1972) haala kanaan cimseera. Symbolism were a form of meaning that only differed from linguistic meaning by the type of signals it used and if the set of symbols (of a given culture) constituted a language one should be able systematically to substitute certain simple or complex symbol for most symbol in most contexts as one can in language replace most words by a definition.

Yaada kanarraa kan hubatau, fakkoommiin sirna mallattoo yookiin bakka bu'iinsa yaadaadhimma tokkoon walitti hidhatuufi hiika argatudha. Hiikni fakkoommiifi kan xinqooqaasgaraagara ta'uusaa hubachuun danda'ameera. Yaada kana karaa biraatiin Melakneh (1999) akkaka'utti, "Fakkoommiin meeshaa, nama, haalaafi gochaa kan kana fakkaatan irracaalaa wantaqabatamaa hintaane kan bakka bu'uudha. Fakkeenyaaf, alaabaan keenya mallattoo biyyakeenyaati." Yaadni kunis akkuma barreessaan kun ibsetti, wantoonni lama akka jiraniidha.

Irracaalaa ammoo, kan bakka bu'u sun yeroo baay'ee qabatamaa kan ta'eefi garuu arguu kandandeenyu ta'ee kan bakka bu'ame garuu, yeroo baayee arguu kan hindandeenyeefi qabatamaa, fakkoomni ogbarruu yaada barreeffama ogbarruu keessatti kaa'uun kan walqabatuudha. Kana ilaalchisee Myer (1999:215) yoo ibsu, "Malli dubbii ogbarruu barreeffamaa tokko keessatti akkamiin akka fayyadamneen kan murtaa'uudha," jedha.

Kana jechuun, barreessaan ogbarruu ergaa isaa halluun, meeshaan, maqaan, akaakuu fakkoommii bal'ina hiikaa irratti hundaa'uunkan qoodan jiraa taniyyuu, mata-duree qorannaa kanaan kan walqabatu akka James (1997:760) qoodeetti ilaaluun nidanda'ama. Isaanis, fakkoommii waliigalaa, fakkoommii akka galumsaa, fakkoommii aadaa, fakkoommii dhuunfaa, fakkoommii dhaabbata tokkoofi fakkoommii ogbarruuti jedheet qoode.



Isaan kana keessaa fakkoommiin ogbarruu tokko keessatti akkamiin akka fayyadamneen kan murtaa'uudha. Kana jechuun, barreessaan ogbarruu ergaa isaahalluudhaan, meeshaadhaan, maqaadhaan, yoomessaafi kanneen biroon gara alkallattiin ibsuu danda'a. Kanaaf, fakkoommiin ogbarruu, fakkoommii kanneen biroo nidabalata. Walumaagalatti, fakkoommiin meeshaa, nama, bakka yookaan muuxannoo kan wanta biraa bakka bu'u, kan bakka bu'amu sunis yeroo baay'ee qabatamaa kan hintaaneedha.

Fakkoommiin yeroo baay'ee wantoota yaada bal'aafi waan baay'ee ta'an bakka buusuun ittiin ibsinuudha. Akkasumas, barreessaan walaloo fakkoommiitti gargaaramee ergaa isaa halluun, meeshaan yoomessaafi kan biroon dabarfachuu danda'a. Malli dubbii armaan olii kun wanta ijaan hinmul'anne yookin waan tokko waan mul'atuun bakka buusani mul'isuu kan ibsamuudha.

Yaaduma kana deeggaruun Yaadannoo (2014:90) ibsutti, "Dubbii qolaa kana keessatti wanti tokko waan biraa bakka bu'ee mallatteessuun agarsiisuudha" jechuun hiika. Yaada kanarraa kan hubatamu, dhimmoota adda addaa keessatti waan tokkoof bakka bu'aa isaa kaasuun akka mul'atutti kaa'uun gosoota malleen dubbii keessaa mallatteessuuta'a jechuudha. Fakkeenyaaf, namni tokko osoo galma wayii fakkii isaa kaasee kan namatti agarsiisu ta'ee waan tokko bakka bu'ee isaa qaama biraatti agarsiisuuf kan tajaajiluudha. Fakkeenyaaf:

1. Erbee ciccitaa ofirraa buusee harka natty bal'ise.

2. Odaan mallattoo eenyummaa Oromooti.

Fakkeenya tokkoffaa keessatti ergaa isaa kan ilaallu yoo ta'e, akka Oromoon beekutti erbeeciccitaan mallattoo hiyyummaati. Kanaafuu, dhimmoonni akkanaa kun barreeffama keessattista'ee dubbii keessatti bal'inaan kan itti fayyadamnu waan ta'eef, malleen dubbii keessaamallattootti dhimma bahuun kan danda'amu ta'uusaati.

Fakkeenya lammaffaa keessatti ammo Oromoon Odaa qabee, seenaafi aadaa ofii dubbata. Egaa Odaan saba Oromootiif mallattoodha jechuun danda'ameera.

## **2.5 Faayidaa Malleen Dubbii**

Faayidaa malleen dubbii qabu ilaalchisee Isaaq (2003:5) Zarihuun (1995:105) wabeeffachuun yoo ibsu, "Sadoommiin mala yaada, gocha yookin haala, bocawaan tokkoo akkasumas amala

namaa,miiraafi bifasaanii daawwattoota yookiin dhaggeeffattootaaf dhaadhessuufi miidhagsuun bifa dhangala'a yaad-uumeetiin kan dhiheessuudha" jechuun ibseera.

Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amumalleen dubbii wantoota adda addaa keessatti akkaataa garaagaraan miiraaffedhii dhala namaa kakaasuuf kan tajaajiluudha. Itti-dabalees Isaaq (2003:6) Hiwoot (1998:42) wabeeffachuun faayidaa malleen dubbii akkasitti barreesseera.

Malleen dubbii yaada waliigalaa walitti qabee of keessatti qabatee fedhiifi miira afaan hawwachuu danda'u waan ta'eef, haala ittiinibsan miidhagsuuf ergaa sana cimsee dabarsuuf, sammuu haala salphaa ta'een yaada sana akka hubatu gochuun fedhiifi ilaalcha barbaadame gadi-fageenyaan akka hubataniif gahee olaanataphata.

Yaadni armaan olii kunis malleen dubbii dhimmoota adda addaaf kan ooluufiyaada namni tokko barreeffamaafi dubbiin taasisu keessatti wanti barreeffame sunsammuu dubbistootaa keessaa osoo hinbadin fakkii kaasuun akka yeroo dheeraaturuu wanti sunis haala nama hawwatuun akka dhihaatuuf kan ooludha.

Akkasumas dubbii taasifamu tokko keessatti dhaggeeffattooni sun haasawa sanaakka hinnuffineef kan gargaaru akka ta'e barreeffamicharraa hubachuunnidanda'ama.Gama biraan Isaaq (2003:6) Zarihuun (1995:105) wabeeffachuun fayyadamamalleen dubbiirratti akkas jedha.

Malli fayyadama sadoommii kun dubbii keenyatti lubbuu horachiisuuf kan ifa hintaane ifa taasisuuf, kan hinmul'anne olka'ee akka mul'atu gochuu irra darbee dhimmichi sun miira keenya kakaasuun sammuu keenyatti fakkii uummuufi miirotaan akka hubatamuuf nu gargaaruu irratti humna qaba. Humni kunimmoo kan madaalamuun wanti ibsamu sun sammuu dhaggeeffattoota yookin dubbistootaa keessatti fakkii uumee akka hafuufi hin irraanfataanne gochuu isaatini jechuun ibseera.

Yaada armaan olii kana keessatti akkaataa fayyadama malleen dubbii kani bsuudha. Kunis malleen dubbiitti yemmuu gargaaramnu dhimmoonni adda addaa akkaataa ofitti nama hawwachuu danda'anitti dhiheessuuf haalli itti fayyadamamalleen dubbii murteessoodha. Kana keessatti wantoota sadarkaa adda addaa irrajiran tokko akkaataa garaagaraan kan itti gargaaramnu sammuu dhala namaakeessatti fakkii kaasuuf malleen dubbiitti fayyadamuuf sagaleen nuti dhageessisnumurteessoo akka ta'an hubachuun nidanda'ama.

Kanaafuu, malleen dubbiiwalaloo, sirba,geerarsa, faaruufi kanneen biroo keessatti faayidaa qabaachuunisani kan hubatamuudha. Malleen dubbii faayidaa adda addaa qaba.Yaadannoo (2014:83) faayidaa malleendubbii akkanaa addeessa.

Walaloo mi'eessuu keessatti sagalee akka gochaa yookin rasaasa dhuka'u uumuun miidhagsee, afaan barsiisee nama dhaggeeffachiisa. Aarii, gadda, gammachuu keenyaafi kan kana fakkaatan haalan ibsachuuf bakka guddaa qaba. Fakkeenyaaf: barreessaan asoosamaa, fiilmii, yookin sirboonni dhaaba siyaasa mormuu barbaadan tokko kallachaan dubbachuu yoo sodaatan dalga qabani dubbii qolaatti fayyadamuun ergaasaanii dabarfatu.

Yaada armaan olii kana keessatti malleen dubbii sirboota, fiilmii, diramaa,asoosamaafi geerarsa keessatti gahee olaanaa qabaachuusaanii hubachuun kannama dhibuu miti. Kanumarraa ka'uun, malleen dubbii afaan kamiyyuu keessatt ikan itti gargaaramnuudha. Kanaafuu, akkuma hawaasni tokko jiruufi jireenya saagaggeessu keessatti karaalee adda addaatiin malleen dubbiitti dhimma kanbahaniidha.

Kunis afoolaafi ogbarruusaanii keessatti malleen dubbiitti gargaaramuun nimul'ata.Kunis ergaan dabarfachuu barbaadan sun karaa dhoksaata'een qaama dhaamsichi akka bira gahamuuf barbaadame sun haala iccitii ta'eenakka darbuuf faayidaa guddaa akka qaban salphaatti hubachuun nidanda'ama. Kanumarraa ka'uun malleen dubbii maal maal keessatti akka gargaaramnu armaan gaditti haa'ilaallu.

### **2.5.1 Faayidaa Malleen Dubbii Mammaaksa Keessatti Qabu**

Mammaaksi gosoota afoolaa keessaa isaa tokko ta'ee jecha gabaabaa ogummaa hawaaasaa kan darbeefi kan dhufu karaa miira keenyatti dhagahamuun kanibsuudha. Kanamalees, mammaaksi dubbii fixuufi fiduu kan danda'uudha. Kana jechuun namni tokko haasawa tokko eegaluuuf mammaaksatti dhimma baha.

Akkasumas dubbii eegalame tokko xummuruuf mammaaksi bakka olaanaa qaba.Kanaafuu, mammaaksi dubbii dheeraa ta'e tokko yeroo gabaabaa keessatti walitti cuunfee kan ibsuudha. Yaaduma kana deeggaruun Misgaanuu (2013:47) akkataarmaan gadii kanaan ibsa.

Mammaaksi yaada tokko humna miidhaksee, sammuu keessatt ifakkii ergichaa kaasee ittiin hambisu humna qaba. Gama faana waliigaltee ta'ee tajaajiluun irrasaa yoo ilaalle ergs ifa ta'eemullatukan hunduu hubachuu danda'u kan dabarsu ta'uusaa fi ergaan sun garuu qola dubbii kan qabu yoo qollisaa irraa ba'e,ergaan biroo kan jala jiruudha. Mammaaksonni himoota gaggabaaboo ta'anii oguma,

haqa, hamileefi yaadagartuu...fudhatama qabu dubbii qolaa dhaabbataa ta'e kan dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti luufuudha jechuun ibseera.

Yaada armaan olii kanarraa ubachuun kan danda'amu mammaaksi dhaamsae ergaa tokko gabaabsee ibsuuf kan gargaaruufi yaada isaa kanas malleen dubbiitti gargaaramuun karaa naannawaa ta'ee dabarsuuf kan tajaajiluudha. Akkasumas malleen dubbii ergaa sana dhaggeeffattoota biraan gahuuf gaheen malleen dubbiiolaanaa ta'uun isaas kan hubatamuudha. Kanaafuu, malleen dubbii mammaaksa keessatti bal'inaan kan argamaniidha.Fakkeenyaaf:

- Akka abaluttiin sirbaan morma nama jallisa.
- Biyya abbaa kootiti jettee injiraan muluu gubbaatti hafte..
- Alaa hamma arbaa manaa hamma garbaa jedhan.

Mammaaksota armaan olii keessatti malleen dubbii adda addaatu jira. Mammaasa isa duraa keessatti wantoota lama wal-bira qabuun kan wal-madaalchisuudha. Inni kunis gosoota malleen dubbii keessa akkasa ta'a. Mammaaksi tartiiba lammaffaairra jiru kun immoo yemmuu injiraan akka dhala namaatti biyya abbaa ishii kan hin gadhiise jettee achirratti haftuutu mul'ata. Kunis amala dhala namaa keessaa isa tokko qooddachuun akka ilma namaa taatee argamuun injiraanii kun immooakaakuu malleen dubbii keessaa nameessuudha.

Mammaaksi inni dhumaa kunimmoo malleen dubbii keessaa arbeessuutti dhimma baheera. Kana jechuunwaa'ee nama tokkoo fudhachuun namni kunis yemmuu inni hawaasa keessati akka nama guddaa tokko ta'ee jirutti osoo beekkamu yemmuu gara manaatti deebi'u immoo nama waan takka hinqabneefi salphataa ta'uu isaatu hubatama. Kanaafuu, amala waan tokkoo gar-malee ol kaasun yookin gad-buusuun malleen dubbii keessaa arbeessudha.

### **2.5.2 Faayidaa Malleen Dubbii Oduu Durii Keessatti Qabu**

Durduriin gosoota afoolaa keessaa isa tokko. Durduriin wantoota yeroo addaaddaa keessatti raawwataman bifa adda addaatiin kan dhiheeffamuudha.Oduundurii galgala erga maatiin walitti qabamanii booda maatiin wal-bashannansiisuufi barssisuuf kan itti agrgaaramaniidha. Kanamalees dhimmoota adda addaa achikeessatti waliif qooduuf kan tajaajiluudha. Yaduma kana deeggaruun Dorson (1972:53) yoo ibsu, "...folktales are told pimarly for entertainment although theymay have secondary purpose" jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti oduun duriinama bashannansiisuuf kan taphatamuudha. Kanamalees, osuma bashannansiisuu barnoota biroos

dabarsa. Barnoota kana keessaa inni tokko gorsa jechuun nidanda'ama. Kanaafuu, oduun durii faayidaa guddaa qaba jechuudha.

Durduriin yemmuu dhihaatu immoo malleen dubbii achi keessatti gahee guddaa kan qabaniidha. Keessattuu malleen dubbii keessaa nameessuun bakka olaanaa kan qabuudha. Kana jechuun wantootni dandeettii dhalli namaa qabu kan hinqabne amala dhala namaa gonfachiisuun dhiheessuun nimul'ata. Kanumatti dabaluun, malleen dubbii kanneen akka arbeessuu, mitihee, iddeessuu mallattoofi akkasaattis dhimma kan danda'amuudha.

### **2.5.3 Faayidaa Malleen Dubbii Sirba Keessatti Qabu**

Sirboonni akaakuu afoolaa keessaa isaan tokko ta'anii kan nama bashannansisuufi bohaarsuuf oolaniidha. Akkuma beekamu hawaasni keenya yeroo duriirraa eegalee hamma ammaatti sirbootaafigeerarsatti gargaaramuun wantoota addaaddaa ibsachaa kan tureefi ammas ibsachaa kan jiruudha Geerarsi yookin sirbi aadaa uummata tokko keessatti faayidaa adda addaa kanqabuudha. Kana jechuun hawaasni tokko gammachuu, gadda, jaalala, jibba, quuqama, rakkinaafi bal'ina isaa sirbaafi geerarsaan ibsachaa kan tureedha.

Namni tokko yemmuu aare aarii isaa kana bifa sirbaatin ibsata. Yoo gammades, rakkates, gaddes, jaalateefi jibbes akkasuma jechuudha. Kanaafuu, uummanni Oromoos afoolaa isaa keessaa isaan kanatti bal'inaan gargaaramaa kanturaaniidha. Hiika geerarsaa ilaalchisee Awwal (2013;117) akkasitti ibsa.

Geerarsi afoola Oromoo keessaa isa tokko ta'ee kan hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti yeroo dhaadannoo, araaraafi yeroo seenaa ofii ibsachuu barbaadan itti gargaaramuun yaada adda addaa ittiin ibsatuudha. Uummanni Oromoo geerarsa yeroo geeraru harka duwwaa osoo hinta" in meeshaalee qara qaban kan akka eeboofi kanneen biroo harkatti qabachuun yeroo duulaa galaniifi waa ajjeesan yaada miirasammuu isaanii keessa jiru kan ittiin ibsatanidha jechuunbarreesse.

Qabxii armaan olii kanarra kan hubatamu geerarsi waan dhalli namaa sammuu isaa keessatti itti dhufe tokko quuqama, gammachuu, gaddaafi rakkoo isaa ittiin ibsachuuf kan itti gargaaramuudha. Kunis yemmuu diinni biyya isaa isa saamuuf dhufe duuluun gootummaasaa itti hima. Yoo moo'ames akkaataa rakkoo kanaaf saaxilameefi gadda itti dhagahame ibsachuuf geerarsi iddoo guddaa kan qabuudha. Kanaafuu, aadaa hawaasa Oromoo keessatti geerarsatti gargaaramuun dhimmoota adda addaa ibsachuun bal'inaan kan mul'atuudha. Kana jechuun waan

faarsuu barbaade faarsuun waan arrabsuu barbaade immoo sirbaan arrabsaa; fedhii isaanii, gammachuu, gadda, jaalala, jibba, quuqama, inaaffaa fi kkf sirbaan ibsachaa kan turaaniidha. Kanumarraa ka'uun malleen dubbii immoo dhaamsa sirba tokkoo karaa dhoksaa ta'een dabarsuuf shoorra olaanaa kan taphatanidha.

Fakkeenya (1)

*Akka gootu singorsaa*

*Kaadhimaa ormaatuu nigorsanii*

*Yoo dirqiin nama qabde*

*Haadha ofiitu ni obsanii( afoola uummataati)*

*Fakkeenya (2)*

*Kilashii yaa sarba burreetoo*

*Walitti deebine tureetoo (afoola uummataati)*

*Fakkeenya (3)*

*Qaqrqaraan lolan jennaan*

*Keessa gadi baatee yaa Alamuu*

*Alamuu ilma Qixxeessaa*

*Yaa mucuceessaa*

*Akka fixeensaa(sirba Bosiyyoo Nugusee keessaa kan fudhatame)*

*Fakkeenya (4)*

*Shuwwaa shuwwaa jetti*

*WarriWaayyuu gamaa*

*Mudhiin qabaa guuttuu*

*Mormi taakkuu lamaa ( afoola uummataati)*

Wantoota armaan olitti tarreeffaman kanaan alatti malleen dubbii waliin dubbii hawaasni taasisan keessatti akkaataa gorsa fakkaatuun nama waan sirrii ta'e hin hojjenne tokko gorsuuf malleen dubbiiitti yemmuu gargaaraman bal'inaan nimul'ata.

Fakkeenyaaf, osoo namni tokko waan dogongora hojjechaa jiru namni biroo tokko itti dhufe wanti inni itti jiru sun sirrii akka hintaane itti himuu yemmuu barbaaduu waan sirrii hojjechaa jirtaa jabaadhu' jechuun itti hima. Sana booda namni sunis wanti inni dalagaa jiru sun sirrii akka hintaane hubachuun dogongora isaa irraa akka of deebisuuf nigargaara jechuudha.

#### **2.5.4 Faayidaa Malleen Dubbii Walaloo Keessatti Qabu**

Malleen dubbii jiruufi jireenya hawaasaa keessatti bakka hundatti argachuuni dandeenya. Haata'u malee walaloo keessatti irra caalaa kan dhimma ittibahamuudha. Kana jechuun walaloo uunka gaggabaaboo kan qaban ta'anii ergaabal'aa tokko dabarsuuf kan tajaajilaniidha. Kanaafuu, yaada bal'aa kana immoo kan bakka tokkotti walitti qabee jiru malleendubbiiti jechuun nidanda'ama.

Malleen dubbii walaloo keessatti argaman kunis ergaan walaloo sanii karaa dhoksaa ta'een dubbistoota biratti sammuu isaaniikeesatti fakkii uumuun akka isaan ergaa sana oso hinirraanfatin sammuu isaaniikeessa tursuuf shoora olaanaa kan qabuudha. Karaa biraatinis barreessitoonni adda addaa barreeffama isaanii keessatti malleendubbiitti yemmuu gargaaraman nimul'ata. Kunis sababa mataasaa qaba. Sababnikanaas barreeffamni isaanii dubbistoota isaanii biratti bal'inaan akka dubbifamu, hawwatamaa akka ta'uuf, dhaamsi yookin ergaan barreeffamichaa kallattii addaaddaatiin akka hubatamuufi yaada isaanii karaalee hedduun ibsuuf kan ittigargaaramaniidha.

Walaloon sanyiiwwan ogbarruu keessaa isa umrii dheeraa qabuudha. Umriidheeraa qabaachuun isaa immoo yeroo adda addaatti faayidaa hedduu akka qabaatu isa taasisa. Walaloo keessatti yaada garmalee keessa keenya quqquuqu, kan gammachuu yoo ta'e baay'ee gammachiisuu, gaddas yoo ta'e, kan baay'ee gaddisiisu ta'uusaa ibsuuf kan ooludha. Walaloon kunis malleen dubbii itti bahuun barbaachisaadha. Kanumarraa ka'uun, faayidaa malleen dubbii walaloo armaan gadii keessatti haa ilaallu.

Fakkeenyaaf

*Imimmaan dubartii*

*Akka sabiyiitii*

*Osoo hinwaamin dhaqxii*

*In gaggeessin galtii*

*Imimmaan dhiiraa*

*Bishaan miti dhiigaa*

*Onneetu machaa''ee*

*Hadhooftuu diddigaa*

*Dubartiinis haadhaa*

*Haati garaa laaftii*

*Imimmaan calaltee*

*dhiira garaa raastii (Asafaa ,2006)*

Walaloo armaan olii kana keessatti malleen dubbii garaagaraa argachuun ni danda'ama. Isaaniis : nameessuu, arbeessuu, iddeessuufi akkasa kan jedhamanas keessatti nimul'atu jechuudh

### **2.5.5 Sakkatta'a Qorannoowwan Walfakkii**

Qorannoo tokko yeroo gaggeeffamu sakkatta'a barruu walfakkii ykn qorannoo kanaan duraa hojjetame waliin walbira qabamanii ilaaluu barbaachisaadha. Kunis hanqinaaf cimina duraan tureef kan amma hojjetamee walbira qabani xiinxaluun yaada sirreeffama ykn yaada dabalataa ka'uudha. Kanaan wal qabatee barruuwwan sakkatta'aman akka armaan gadiitti taa'u.

Tafariin Jifaar qorannoo isaa (2012) mata-duree Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo "Utuufi Mallii Maali" jedhu irratti kan xiyyeeffateedha. Qorannoon kun kan gaggeeffame ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u dhimmoota mala dubbiin walqabatuufi haala qaaccessa malleen dubbii kanaarrattikan wa-fakkaa.

Gosaayeen qorannoo isaa (2010) mata-duree Xiinxala Akaakuu Sadoommii Mammaaksa Oromoo Haadhaafi Abbaa Godina Kibba Lixa Shawaa Aanaa Qarsaa Maallimaarratti kan gaggeeffameedha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffamedha

Isaaq Bariisoo qorannoo isaa (2003) mata-duree "Sakatta'a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii Qubeefi Kumee kumaatamaa" jedhu irratti kan xiyyeeffatuudha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffameedha.

Ahmad Mohammed qorannoo isaa (2012) mata-duree "Xiinxala Sadoommiiwwan Walaloo "A"AA!" jedhu irratti kan xiyyeeffateedha. Qorannoon kun kan gaggeeffame ulaagaa digirii jalqabaa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u, qorannoo kana waliin dhimma mala dubbiin walqabatuufi haala qaaccessasaa irratti kan walfakkaatudha.

Ibsaa Addunyaa qorannoo isaa (2016) mata-duree "Qaaccessa itti fayyadama malleen dubbii walaloo Anaa'iyaa keessatti " kan gaggeeffameedha. Qorannoon kunis ulaagaa digirii lammataa guuttachuuf kan gaggeeffame yoo ta'u qorannoon isaa kun qorannoo kana waliin wanti wal isaan fakkeessu akaakuu malleen dubbii, hiika isaanii tarreessuun fakkeenya waliin dhiheessuusaati.



Garaagarummaan qorannoo kanaafi kanneen armaan olii akka armaan gadiitti ta'a.

- Qorannoowwan armaan olii sakkatta'aman itti fayyadama malleen dubbii qofarratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u, qorannoon kun immoo itti fayyadama malleen dubbii fi suuressuu irratti kan xiyyeeffatuudha.
- Qorannoowwan armaan olii gosa malleen dubbii adda baasuurratti kan xiyyeeffatan yoo ta'u, qorannoon kun immoo gosa addaan baasuu dabalatee dabalaate qabiyyee malleen dubbicha irrattis kan xiyyeeffatudha. Kanaaf qorannoon kun dhimmoota armaan olii kanaan kanneen qorannoo sakkatta'aman irraa adda.

## BOQONNAA SADI: MALA QARANNICHA

### 3.1 Adeemsa Qorannichaa

Mataduree kana jalatti mala qorannichaa waliin walqabatan kanneen akka maddaodeeffannoo, iddattoo, mala odeeffannoon ittiin qaacceffamu, malaodeeffannoowwan ittiin funaanaman, adeemsa qorannoofaa hammataAkkuma boqonnaa Iffaa keessatti ibsametti xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inniguddaan qaaccessa mallee dubbii walaloo Siifan qaaccessuudha.

Kanumarraa ka'uun, malleen dubbii walaloo kana keessatti argaman kam faaakka ta'an addaan baasuun akkasumas walaan ogwalaloo kanaa keessatti malleendubbii kamitti akka gargaarame addaan baasuun hiika isaan achi keessatti qabanxiinxaluuf nugargaara. Dhimmoota akkanaa qorachuuf ammoo qorannooqulqulleeffattatti gargaaramuun gaarii ta'a.

Qorannoo dookumentii sakatta'uun walqabatu geggeessuuf qorannoo qulqeleeffataatti gargaaramuudha. Kanumarraa ka'uun, Dastaa (2013:33) Marietejjiefi Marieta (2001) wabeeffachuun yoo ibsu, "Qorannoo qulqullaa'inaa gaggeessuuf odeeffannoon kan funaanamu daawwannaa, afgaaffii, dookumenti sakata'uufi meeshalee dhag-argee fayyadamuudha" jechuun ibse. Gosa qorannoo kanaa keessatti ragaaleen qorannoodhaaf funaanaman gabatee, giraafiifi kan biroon ibsamuu waan hindandeenyeef gosa qorannoo birootti gargaaramuun rakkisaa ta'uu nidanda'a. Kanaafuu, qorannoo gosa kanaatti gargaaramuun isaan kan biroorra filatamaadha.

Kana ka'umsa godhachuun qorannoo kana keessatti mala akkamtaatu dhimma itti bahame. Sababnisaas mata-dureen qorannoo kanaa qaaccessa malleen dubbii kitaaba walaloo Siifan keessatti waan ta'eefiidha.

Malli akkamtaammoo qabiyyee qorannoorratti ibsa kennuun kan gaggeeffamu waan ta'eefi. Akkasumas malli funaansa ragaalee daawwannaa fi sakatta'a dookumantiiti. Kunimmoo lakkoofsaan kan ibsamu osoo hin taane jechaan xiinluun waan ibsamuufi. Kanumaarraa ka'uun, qoratichi mala qorannoo akkamtaafi mala ibsaatti fayyadamuun qorannoo kana gaggeesseera.

### 3.2 Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa malleen dubbii qaaccessuudha. Kana gochuuf immoo qoratichi mala qorannoo akkamtaa fayyadame. Sababni isaatis odeeffannoo qorannoo kanaaf guurame lakkoofsaan osoo hin taane jechaan ibsuun kan qaaccessame waan ta'eefi. Dabalatanis Dastaa (2002:20) "Qorannoon mala kanaan gaggeeffamu odeeffannoo argame mala iddatteessuun

yookin mala ibsaatin dhiheessu” jedha. Qorannoo kana keessatti qoratichis mala kana kan fayyadameedha.

Gama biraatin qorannoo kana keessatti odeeffannoon argame gadi fageenyaan ragaan deeggaramuun kan xiinxalameedha. Addunyaa (2011:11) yaada kana yoo cimsu, “Ciminni qorannoo akkamtaa gaaffiiwwan akkam? Maalif?jedhan kaasuun gadi fageenyan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo babal’isuuf haala mijeessuusaati,” jedha. Kanuma ka’umsa godhachuun qoratichis mala akkamtaa fayyadamuun qorannoo kana kan gaggeessedha.

### **3.3 Madda Odeeffannoo**

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda tokkoffaadha. Maddi ragaa tokkoffaan kunis kitaaba ogwalaloo *Siifan* jedhamuudha. Sababni kanaas, qorannoon kun kan raawwatamu qaacceessa malleen dubbii achi keessatti argaman irratti kan hundaa’u waan ta’eedha. Maddi ragaa lammaffaan ammoo qorannoowwan mata duree qorannoo waliin waliiti dhufeenya qabanidha

### **3.4 Mala Iddeessuu**

Qorannoo geggeessuuf iddatto filachuun barbaachisaadha. Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti otoo hintaane sadarkaa adda addaatti ilaalamee filatama. Flick (2002:61) yoo ibsu’

The issue of sampling emerges at different points in the research process. An interview study is connected to the decision about which persons to interview (case sampling)...Furthermore, it emerges with the decision about which of the interviews should be further treated i.e. transcribed and interpreted (material sampling). Finally, it arises when presenting the findings; which cases or parts of texts are best used to demonstrate the finding (presentation sampling).

Qorannoon tokko yemmuu geggeeffamu iddattoon namoota afgaaffiif dhihaatan ittiin filachuuf qofa kan itti fayyadamnu osoo hintaane bakka saditti gargaaramna. Jalqaba namoota odeeffannoo kennuu danda’antu filatama; Achiis wayita odeeffannoon funaaname hiikamuufi qaaceffamu itti fayyadamna. Ragaan qaaceffamee bu’aan qorannoo erga beekamee boodas firii qorannoo sanaa qaama dhimmichi ilaaluuf dhiheessuufi agarsiisuuf kamtu akka dhihaatu kan ittiinfilatamuudha.

Iddattoonis adeemsa kanaan kan filatamu yoo ta’u, innis jamaa qorannoon irratti geggeeffamu keessaa namoota filachuu jechuudha. Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ammoo, yeroo, maallaqa, humna namaafi kanneen biroo qusachuuf jedhameeti.

### 3.4.1 Iddattoo Akkayyoo

Akkuma daangaa qorannoo jalatti ibsuuf yaalametti kan qorannoon kun ilaallatu hundarraa odeeffannoo guuruun bu'a-qabeessummaan isaa akka cimuu beekkamaadha. Haata'uu malee, humna qorataa kanaatii ol ta'a. Kunis yeroo, baajata fi meeshalee barbaachisan gahaatti argachuu waan gaafatuufi. Kanaafuu, iddattoo fayyadamuun qorannoo tokko keessatti barbaachisaadha.

Dhimmuma kana Berg (2001:32) yoo ibsu, "When developing purposive sample, researchers use their special knowledge or expertise about some group to select subjects who represent this population," jechuun yaadicha cimseera.

Gosa qorannoo akkamtaa baay'inaan gochaa, haalota yookin dhimmoota ibsuurratti waan xiyyeeffatuuf dhimmi iddattoo xiyyeeffannoo guddaa kan hinqabneedha. Kanas Kumar (2005:165) akkanatti ibsa "In qualitative research the issue of sampling has little significance as the main aim of most qualitative inquire is either explore or describe the diversity in situation phenomenon or issue jedha.

Qoratichi qorannoo kana keessatti iddattoon dhimma itti bahe gosa iddatteessuu keessaa mit-carraadha. Kun kan ta'eef jamaa filatamaa keessaa iddattoo filachuuf carraa waan hinfayyadamneefi. Qorataanis gosa iddatteessuu mit-carraa keessaa tokko kan ta'e iddatteessuu akkayyootti dhimma baheera. Sababni kanaatis iddattoon filataman qabiyyeeffii kaayyoo qoraticharratti deebistoota filachuu waan ta'eefi. Kanumaan walqabatee Dastaa (2013:132) Jupp (2006) wabeeffachuun akka armaan gadii kanaan ibse.

Purposive sampling a form of non-sampling in which decision concerning the individual to be include in sample are taken by a researcher, based up on a variety of criteria which may include specialist knowledge of the research issue or capacity and willingness to participate in the research.

Yaada kanarra kan hubatamu, iddatteessun akkayyoo gosa iddatteessuu miti-carraa keessaa tokko akka ta'eefi kanneen qorannicharratti hirmaachuu qaban qabiyyee garaagaraati. Fakkeenyaaf hirmaachisuurratti hundaa'un qoratichaan kan murtaa'u ta'uu hubanna. Kanumaarratti hundaa'un qoratichi qorannoosaa kana keessattii gosa mit-carraa kan ta'e mala iddatteessuu akkayyoo fayyadamee kan qorannoo kana gaggeessedha. Sababni kana fayyadameef qorannoo kana hunda caalaa kallattiin galmaan nigaha jedhee waan amaneefi.

### **3.5 Mala Odeeffannoon Ittiin Funaanaman**

Qorannoon qulqullaa'inaa dhugaa hawaasa tokko keessa jiru bira ga'uuf mala funaansa odeeffannoo adda addaatti gargaaramuu danda'a. Fakkeenyaaf, qorataan wantoota garaagaraa haala adda addaatiin walitti qabatee odeeffannoo funaannachuu nidanda'a Haaluma kanaan odeeffannoon sakatta'a dookumentii haala kanaan qaacceffamee dhihaateera.

#### **3.5.1 Sakatta'a Dookumentii**

Sakatta'a dookumentii jechuun adeemsa qorannoo tokko gaggeessuu keessatti tooftaa qorannoo sanu fudhatamummaafi dhugummaa isaa mirkaaneessuuf kitaaba, galmee fi bareeffaamtoota bifa adda addaatiin taa'an qaaceessuun ciminaafi hanqina qabiyyee isaanii ibsuuf kan gargaarudha. Yaaduma olii kana deeggaruun Dastaa (2011:131) yoo ibsu, "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootitti nama fayyadan hedduutu jira. Isaan keessaa kanneen akka waraqaa raga, kitaabota, xalayaa, nagahee, ajandaa, qaboo yaa'ii, barreeffama murtii, yaadannoofi kanneen kana fakkaatan ta'uu danda'u" jechuun ibseera.

Gama biraatiin immoo akkaataa kamiin oddeeffannoon funaannamuu akka qabu addaan baasuun barbaachiisaadha. Inni kunis odeeffannoo funaannamu kanas bifa jechaan funaannamuu qaba. Kanumarraa ka'uun odeeffannoon funnaannamu kunis mala al-lakkaafsatti yookin jechatti gargaaramuun kan ragaan qorannoo ittiin funaannamuudha.

### **3.6 Adeemsa Qaaceessa Ragaalee**

Qorannoo kana keessatti karaan ragaaleen qoraannoo itti qaaceessaman, karaa tokkooni. Kunis mala sakatta'a dookumentii. Kunis jalqaba kitaaba walaloo *Siifan* keessatti malleen dubbii argaman addaan baasuudha. Sababni isaatis, qorannoon kun irraa caalaa kaallattiin kan irratti xiyyeeffatu isa kana waan ta'eefi. Kanamalees, odeeffannoo funaanuuf malli funaansa odeeffannoo qorataan itti gargaarame sakatta'a dookumeentiiti.

### **3.7 Malleen Qaaceessa Ragaalee**

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu malleen qaaceessa ragaa niqaba. Malleen kunis mala akkamtaafi mala ammamtaati. Qoratichis qorannoo mata dureen isaa qaaceessa itti fayadama malleen dubbii walaloo *Siifan* keessatti kan argamuu jedhudha. Qorannoo kana gaggeessuuf qoratichi mala akkamtaatti dhimma baheera. Sababnisaas ragaaleen funaanaman malleen dubbii walaloo kanaa jechaan ibsa kennuun kan qaacceeffamaniidha.

Mala qaaccessa ragaalee jechuun, ragaalee funaannaman sanarratti hundaa'uun kan qoratichi argannoosaa itti mirkanessuun mul'isuudha. Mala qaaccessa ragaalee qoraannoon tokko ittiin gaggeeffamuu keessaa, mala ammamtaafi mala akkamtaa jedhamuun bakka lamaatti qoodamuu. Qoratichis qorannoo isaa kana adeemsisuuf mala innidhimma bahe mala akkamtaati jechuudha

## BOQONNAA AFUR: DHIHEESSAA QAACCESA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ragaleen kitaaba walaloo kan keessatti argaman ni qaccaffamu. As kessatti gosotni malleen dubbii nameessuu, bakkasaa, habalaka, sobdhuga, yookaan mityee, ate yookaan jedhiyaad, tuqseefi mallattoon qabiyyee isaan waliin xiinxalamuun ni dhiyaatu.

### 4.1 Seenaa Gabaabaa wa'ee Kitaaba Walaloo Siifan

Kitaabni Walaloo Siifan jedhamu kun Yaasoo Kabbadaa Hordofaatiin bara 2015 ALA Kan maxxanfame yoota'u fuula 94 kan qabuudha. Kitaabni Walaloo kun mata dureewwan walaloo jaatamii sagal kan ofkeessaa qabuudha. Tokko tokkoon matadureewwan walaloo kanaa ergaawwan mataa isaanii kanneen barreessaan sun akka dubbistootaaf dabarsuu barbaade haala dubbistoonni hubataniif sammuu dubbistootaa keessatta akka hafuu danda'uuf malleen dubbiitti dhimma baheera.

Qabiyyeen walaloo Siifan kun kanneen gurguddoota'an, Siyaasa. Dinagdee, hawaasummaa fi kkf keessatti haammatamanii dhiyaataniiru. Waloon kun siyaasa ibsuuf mata dureewwan *Siifan* jidhu jalatti waa'ee gootota dhalootaa jedhanii miidhamaafi dararaa ulfataa sirnootaan isaan irra ga'e danda'anii jireenya dhuunfaa isaanii irra kan waloo filatanii keessatti dhimma siyaasa uummata Oromoo maal sirnoota biyya kana bulchaa turaniin midhamuu isaanii kan kaaseedha.

Mataduree biroo *Murtii* Jedhu jalattis uummatni kun daba tokko malee miidhamaa jiraachaa turuu isaafi murtii haqaaqamaa fudhachaa turuu isaan dhimma siyaasa Oromoo ibseera. Dabalataan immoo dhimma dingdee ibsuuf, mata duree Harmee jedhu jalatti Waa'ee Oromiyaa kaasuun Oromiyaan biyya badhaatuuqabeenya uumamaan jiraattu garuu dhalataan ishee dhimma kan itti hin bane ta'uu isaa ibseera.

Gama braan dhimma hawaasummaa ibsuuf ammo. Dhugaa Sodaanne mata duree jedhu jalatti uummatn Oromoo amantaa ittiin jiraatu kan dhuunfaa isaa dhiisee sodaatee kan ormaa akka fudhate ibsee ture.

Walumaagalatti, kitaabni Walaloo Siifan kun waloo Yaasoo Kabbadaa Hordofaatiin kan barreefame yoota'u kan barreeffame bara 2015 ALA kan maxxanfame maxxansa jalqaabaati. Qabiyyeewwan gurguddoon walaloo kanaa Siyaasa, dingdeefi hawaasummaa kan ibsuudha.



#### 4.1 Suuraa kitaaba Walaloo Siifa ibsu

### 4.2 Gosoota malleen dubbii kitaabaa walaloo “siifan” kessatti argaman xiinxaluu

Kitaaba walaloo “siifan” jedhu kessatti gosonni malleen dubbii akkasa, bakkasaa, sobdhuga, habalaka hameessuu, mallattoo, tuqseefi mithee walalicha keessatti mata dureewwaan garagaraa jalatti kan argaman yoo ta’an malleen dubbii kanneen kitaabicha keessatti fuula itti argaman eeruun qabiyyee isaaniin xiinxalamaniiru.

### 4.3 Faayyadama Malleen dubbii

#### 4.3.1 Nameessuu

Nameessuu Wantoota nama hintaane bineensota, lubbu-qabeeyyii, lubbu-dhabeeyyii waan namni godhu, dubbatu, yaadu akka waan nama ta’anii kana hundaa raawwatanitti gochuun nama fakkeessuun bifa itti dhihaataniidha. Kunis, dandeettii barreessaan barreeffama isaa keessatti calaqqisu irratti hundaa’a. kana jechuun dandeettii itti fayyadama malleen dubbii barreessichi qaburratti hundaa’a. Walaloo *Siifan* kana keessatis gosti malleen dubbii kan ni argamaa.



.....<< *Sabatu hamoome*  
*Kan sabotu coona*  
*Jiraa ishee awwaala*  
*Qarbi ishee irra sirba*  
*Iyyoolee jedchaa oole*  
*Iyyaasee jechaa bule*  
*Nyaataa tokko deeffata*  
*Dhugaa itti tole..>>.*  
.....(*fuula,20*)

Walaloo olitt fudhatame kan keessatti, kan qabiyyeen isaa dubbatamu waa,ee sobaati, Kan sobni dhugaa godhadhe kan keessatti,Sobni dhugaa jiraa ishee awwaale,qarbi isheerra sirba,iyyoolee jechaa oolee,iyyoolee jecha bule,nyaatee deeffata,dhugaa itti tola. Kanneen jedhaman kanneen dhebe sobi dhigaa irratti dalge yoo ta'uu ‘ ‘ sobni dhugaa’ ’ jiraa ishee awwaale kan jedhu kun gocha namaat, awwalli,sirbi iyyoolee fechee ooluun,iyyoolee jechaa buluuf nyaati deeffachuun amala namaati gochoota kana mala raawwachuun qabu nama malee sobaa miti kanaafuu, amala dhalli namaa qabu dubbii keessaa nameessuudha.

#### **4.3.2 Bakkasaa /Iddeessuu**

Gosa maleen dubbii keessa tokkoo tuqsee guutumaan guutuutti amala waan tokkoo birootti uffisuun ksn dhiyeessuudha. Bakkasaan amala, raawwii, unkaa waan tokkoo kan birootiifkennuun msleen dubbii uumamuudha.Wantoota waliin madaalaman lama akkuma waan tokko taanitti ibsama.

Bakka buusni tooftaa barreessaan jechootatti fayyadamuun wantoota amala garagaraa lama tokko taasisuu gargaaru jechhuun addeaaa jechootaaf galeettifayyadamuudhaan wantoota lama walcinaa qabuun madaaluun akka danda' amuu ibsa.

Walaloo ‘ ‘Sifan’ ’ kan keessa gosti malleen dubbii kanaa ni arganna.

..... *du'i hin du'in hinjennuu*  
  
*Gadhee garaa fincaani*  
  
*Badi hin badin hinjennuu*

*Gowwaa garaa udaan...*

.....(*fuula,10*)

Ragaa olitti kan fudhatame kanaa keessatti ‘‘du’i hin du’in hinjennuu’’ kan jedhu kun lubbuu sodaatu lugna yookn dabeessa namaati.Bo’oo itti aanuu keesstti ammo, namichi dabeessa kana ‘‘garaan fincaani’’ jecha jedhu bakka buusaa.Bo’oo sadaffaa walaloo kanaa keessatti ‘‘Badi hin badin hin jennu’’ kan jedhu kana gowwaa ta’uu isaa hima. Gowwaa nama jedhumu kanaaf garaan udaani kan jedhu bakka buuseera.

Walumaagalatti, Walaloo olitti fudhatame kana keessatti,sodaataa garaa fincaani, garaa fincaani,gowwaa, kan garaa udaanii bakka buusuun waan dhiyaatanif gosa maleen dubbii bakkasaa /Iddeessuu/ jedhamu qaba.

.....*dhugaa haqa Jaarsaa*

*Sobni abaarsaa*

*Dhugaa ija angaffaa*

*Saba dhugaa waaqaaf lafaa*

*Dhugaa amantaa haadhaa*

*Dhugaa,sobur haadhaa;..*

.....(*fuula 19*)

Walaloo olitti waraabame kan keessatti,’’dhugaa haqa Jaarsaa’’, kan jedhufi ‘‘dhugaa ija hangaffaa’’,akkasumas’’fhugaa amantaa haadhaa’’ kan jedhu argina. Bo’oo sarara walaloo dura yookaan jalqabaa keessatti dhugaan haqa Jaarsaa bakka bu’uu dhiyaate. Bo’oon itti aanu keessatti ammo dhugaa ija angafaan bakka buusuundhiyaate.

Bo’oowwan kana lamaan keessatti,dhugaa altokko,haqa Jaarsaan yoo bakka buutu.Dhugaan faallaa sobaa kan kana hin jedhamne/ hin qabataamne yookaaan taate isaan malee eguu hindandeenye yoota’u, haqni Jaarsaa dubbii Jaarsaati kana keessatti dhugaan wantoota isaan malee,hin mul’anne waanuma hin mul’anne biratiin bakka buuse. Bo’oon itti aanu keessatti immoo dhugaa, waan qabatamaa eegamuun bakka buuse.Buufata lammaffaa walaloo fudhatee ‘‘dhugaa amantaa haadhaatu kan jedhufi’’sobni haadhaa’’ kan jedhanan keessattis,dhugaan amantaa haadhaan yoo bakka buufanuu sobni immoo,haadhaa kan jedhuu bakka buufanee dhiyaateera.

### 4.3.3 Akkasaa

Akkasaan gosa dubbii qolaa keessaa isa tokko ta'eet wantoota walhin fakkaanne lama jeechootakanneen 'akka', 'fakkaata' fi 'hamma' jedhan gargaaramuun kan waldorgoomsiisu dha. Isaanis Gabaabumatti akkasaan waan tokkoo waan biroo walii maddii qabaniis buuf gargaara. Innis wanti sun akka ifaan hubatamufi fakkaii sammuu dubbisaa keessatti uumu taasisa. jchoota akka fi fakkaata jedhamanitt fayyadamuudhaan waan tokko waan tokko waan iroottiin wal biraa qabsiisanii himuudha. Kunis wanta hin beekamin tokko akka beekamu aassisaa. Haala kanneen barreessichi mala dubbii kan inni itti dhima baheera.

*...sifan akka osolee, holqa dhagaatti gale*  
*Akka canoo lagaa, baala nyaadhee bule*  
*Akka Jawwee gannaa biyyoo arraabersalee*  
*Sifan akka akka gannaa hagabee*  
*Akka weennii inaaffaan qabee*  
*Iji daggala na ilaaltee...*  
*.....(fuula 2)*

Warrabbiwwan olii kan keessatti wantoota lama waliin waldorgomantu jiru. Isaaniis 'ilmaan aayyaa' fi osolee 'ilmaan aayyaa fi canoo, ilmaan aayyaafi Jawwee akkasumas weenniin wantoota waldorgormaniidha. Sarara jalqabaa walaloo kanaa keessatti 'Sifan akka osolee holqaa dhagatti galee 'kan jedhudha. Akka qabiyyee walaloo kanatti, nama saba isaaf jedhe akka osoleetti dhagaatti galetu jira. Bo'oo walaloo lammaffaa keessatti immoo, 'Akka canoo lagaa baala nyaadhee bule' kan jedhu, namichi saba isaaf jedhee akka bineensa baala nyaattu canoo jedhamtuu ta'uu isaa argina.

Walumaagalattii waraabiin ragaaf olitt fudhatame kun nama ilmaan saba isaaf jedhe qabsaa'u tokkoofi canoo walmadaalchisuun holqatti galuu, ganna, biyyoo arraabuu isaatiin Jawwee waliin waldorgomuu isaa agarsisa. Kun ammo amala waldorgomsisuu wantoota sanaa waan qabuu mala dubbii akkasaadha jechhu dandeenya.

### 4.3.4 Habalaka (Agboo)

Agboon yookaan habalakani gosoota malleen dubbii keessaa tokkoo ta'ee, faallaa (akallattiin) dubbii hubatamuudha. Dubbichi dubbatamu tokkoo kallattiin odoo hintaanee akallattiin kan

hubatamuudha. Kanaafuu, ergaan hubatamuu, isaa jedhamu osoo hntaanee, yaada irra faallaa ta'ee irratti kan ta'uu jechuudha.

*.....mee maal jedha*

*San jechuun immoo maal jedha?*

*Warri soban, dhugaa soban*

*Odoo dhugaa jechuun nugatanii deeman*

*Warra hojjatan cubbuu*

*Hin agarre Rabbuu*

*.....(fuula,21)*

Walaloo oli kan keessatti, sararoonni bo'oo dhumaa lamaan " warri hojjatan cubbuu, hin garre Rabbuu" jedhu kun qabiyyeen walaloo kanaa waa'ee namoota cubbuu godhani gati saan argatu daba isaaniif gatin kan kennamuu Rabbi ni arga jechuun barbaada. Garuu allattiidhaan namoota cubbuu hojjatan Rabbi akka argu utuma beeku, hin argine jechuun aallaa ergaa dabarsuu barbaadeen hima.

Kanaafuu, ergaan dubbisaa walaloo kanarraa hubatu, kan barreeffamee jiru ira " warra ojjatan cubbuu, hin argine Rabbuu" jedhu utuu hintaanee, faallaa isaati kuni namoota cubbuu hojjatan Rabbi akka arguudha.

*.... Kolfi kolfi naan jedha akkan waan gammadee*

*Boo'i boo'i naan jedha akka waanan gaddee*

*Boo'ichi dhugoomee gabrummaa maayii madde*

*Boo'uu malee gammaduu yoon takka yaade*

*..... (fuula,28)*

Walaloon olitti fudhatamae keessatti, bo'oon dhumaa

boo'uu malee gammaduu yoomaan takkaa yaadee" jedhu kun ergaan inni dabarsuu

barbaade kan barreeffamaan jiru yookaan isa barreeffame irra mit. Qabiyyee walaloo kana

keessatti barreessaan mata duree "Ani" jedhu jalatti, Waa'ee ofii isaa namni tokko akka ibsuu barbaadetti kaa'ee boo'uu malee gammaduu akka hin yaadne immoo ibsa. Adduunyaa kana irratti dhalli namaa boo'uuf yaadu yookaan gammaduu jibbu hinjiru. Kanaafuu ergaan walaloo kanaa

faallaa yaada barreeffame sanaati jechuudha.Kun immoo malleen dubbiikeessaa habalaka (agboo) ta'uu isaa agarsii.

*... Niti fudhii jedhe hara'as abbaan kiyya*

*Eergaan taa'ee fuudha anoon qabu buyya*

*Mana ijaarradhu jecchaa harmeen nagorsitti*

*Eegan keessaa taa'e hidhaan mana miti*

.....(Fuula,33)

Walaloon oli fudhatame kuniis kitaabaicha keessa mata duree “ Hidhee” jedhu keessa kan fudhatamaniidha. Walaloon kun dhumni inni dbarsuu barbaadu,waa'ee mana hidhaaf gorsa abbaa isaati. Abbaan isaa akka inni mana ijaaratee fuudhu barbaada.Mana ijaarrachuun hawwii dhala namaa uttuu hin taanee, wanta dhugama barbaachisaadha.Garuu walaloo kan keessatti bo'oo dhuma isaa irratti yoo ilaale himu “Ergan keessa taa'ee hidhaan mana miti” jedhu faallaa waan yaadamuuti.

kanarraa waanti hubatamu, ergaan akka darbu barbaadane kan barreeffame irraa uttu hintaanee faallaa waan barreeffameeti jechuundha.Kun ammo malleen dubbii barreessaankun walaloo kan keessatti dhima itti bahe habalaka (Agboo) ta'uu isaa kan agarsisuudha.

#### **4.3.5 Sobdhugaa (Mityee)**

Mitiheen yaada fallaa fakkaatee yeroo itti siqamu dhugaa ta'ee argaamudha. Hiikni isaa isa mul'atuun garasitti dhugooma. Kanaafis miti jedhama. Wanti jedhamu fuggisoo waan fuulduraanjiruuti. Isaanis, haala armaan gadiitiin qaaceffamaniiru.Haaluma kanaan,walaloo kana keessatti malli dubbii eemiti baay'inaan jiraachuu baatus hanga jiru keessaa muraasni isaa hariiroo jechootaatiin akka armaan gadiitti xiixalameer

*... Nama qubaan haman*

*Balfa mukan dhiban*

*Taanee too hin debarree*

*Waan dhugaa hin agarree*

*Qooda san qotiyyoon dhale*

*Du'aan bool'aa gale*

.....(fuula,28)

Walaloo armaan oli kana keessatti bo'oon dhumaa lamaan kun “qooda san qotoyyoon dhalee, du'aan bool'aa galu” jedhu kub qabiyyeen isaa waan dhugaa taate arguu dhabuudha. Waan dhugaa arguu dhabuun waanuma jiruudha. yookaan dur hinjirreedha. Yookiin immoo baatuudha.

Haata'u malee Sangaan hin dhalu, du'aanis hin galu Jechi kun waanti baatuu yeroo namatti dhufu eeye ta'uu danda'a jechuun malla. Garuu dhugaa jiruu sangaan dhaluus ta'e du'aan bolla galuun kan malu miti. Yeroo dhuma tokkotti jechoota kana eeyye yookaan miti waan jechuu dandeenyuuf barreessaan mala dubbii mitheetti dhimma bahuu isaa agarsisa.

#### **4.3.6 Waanteessuu (Atee) Jedhiyaad**

Ateessi waan nu bira hinjirre tokko akka waan nu bira jiruutti dhiheessuun kan itti gargaaramnudha. Mallii dubbii kun kitaaba walaloo siifan kana keessattis ni jira

...'' Sodatet dheeffa jechuutti daggalatti galee;

*Na'in danda'u jechuutti sagal sibira qalee*

*Yoo atii galtuu taate*

*Galtuu qaba jattaaree*

*Qabuuf moo, qabamuuf*

Qeeransatti kaattaa yaa saree!

.....''( fuula,32)

Walaloo kana keessatti waanti hubatamu namumatu akka namaatti sareett dubbata. Yeroo dubbatu ammo akka waan sareen dubbattee deebii laachuu dandaessuutti ilaaluutti kan ittii haasa'udha. Yaada kana keessatti kan hubatamu, namni waantoota dubbata gaaffii gaaffamteef deebii laatan yaada kanneen akkasumaas faloo fi fala ta'un dandeett waliin dubbachuu kan qaban yoo hintaane yeroo deebiif yaada walirraa eeganiidha.

#### 4.3.7 Tuqsee

Malleen dubbii keessaa tokko ta'ee haala wantoonni adda addaa hawaasa biratti beekaman kanneen akka aadaa, safuu, amantii, duudhaa kan ittiin walqabsiifamanii ija barreessaatiin ibsamaniidha. Kunis, yaada hayyootaatiin yoo deeggaramu “Ogbarruu keessatti barreessaan yaada barreessu sana waan biroon walqabsiisee barreessuu danda'a. kunis, aadaan, siyaasaan, jiruufi jireenyaan, amantiin, haala uffannaan, iddoon ta'uu danda'a.

Akka kanaan walqabsiisa iddoo saditti qooduu dandeenya. Isaanis: Walqabsiisa seenaa, walqabsiisa aadaafi walqabsiisa amantaati jedhu”(Fedhasaa, 2017:169). Walqabsiisa seenaa barreessaan ogbarruu dhimma dhiyeessuu barbaade seenaa darbeen walqabsiisee addeessuu danda'a. Sana keessas dhaloota har'aa gurra buusa. Kan durii as fiduun kan har'aa xiyyeeffachiisa. Haala kanaan ergaa dabarsuu barbaade cimsata.

Fakkeenyaaf, barreessaan tokko bulchiinsa sirnoota darbanii keessatti dhiibbaa ilmaan Oromoorra gahe yoo ibse, walqabsiisa seenaatti dhimma bahe jechuudha. Yaada kana cimsoon Fedhasaa (2013:8) Tuqxu-seenaan hojii hogbarruu keessatti waa'ee iddoo, namootaafi gochaa karaa mul'atuunyookaan alkallattiin wabii godhatee xuquun hojii biroo keessatti kan agarsiisudha” jedha.e

Kitaaba walaloo kan keessattis maleen dubbii gosa kanaa barreessaan dhimma itti baheera.

*... Ajaja Akkoo manooyyee waay yaa ciminaa*

*Akkas deemaa dhaqaa karaara ciminaa*

*Horiin manan olii narras hin yaasinaa*

*Ta'ee dubbii baranaa.....( fuula,46)*

Walaloon oli kun kitaaba Siifan keea keessa mata duree “Ajaja” jedhu jalaa kan fudhatameedha. Walaloo kana keessattis namoonni aangoo yookaan cimina qaban ajaja barbaadan namatti akka kennan ibsuuf seenaa dubarti Akkoo manooyyee jedhamtuu daasee, karaarra ciistee, horiin manan oliin narras hin yaasiinaa akka jette duuba deebilee kaasuun yaadachisa. kun ammo seenaa nama beekantuu waan yaadachiseef barreessaan mala dubbii tuqseetti dhimma bahuun isaa agarsiisa.

Walaloon oli kun kitaabaa Siifan keessa mata duree “ Ajaja” jedhu jalala kan fudhatamneedha.Walaloo kana keessattis namoonni aangoo yookaan ciimina qaban ajaja

barbaadan namaatti akka kennani ibsuu seenaa dubarti Akkoo manooyyee jedhamtuu daasee, kanaaraa ciistee, horiin mana oolin narras hin yaasinaa akka jette duuba deebilee kaasuun yaadachisa kun ammoo seenaa nama bbektuu waan yaadachiseef barreessaan mal dubbii tuqseetti dhimma bahuu isaa agarsii

*...Jagni tokko du'eet, gataa isaa baaneetoo  
Waan lama galla waan du'aa taanee too  
Gaafa gataa isaa direet baasani  
Seenaa Jabadhuu isaa biyyatti keessani  
Diraa dhalaan gaddee, umammaan gad yaa'ee  
Gartokkeen maqa, kaan maqaa isaatif boo'ee  
Inni du'eet, du'aa isaa baatani  
Xilahuun Gassase maqaa isaa hatani  
.....(fuula, 35)*

Walaloo oli kana keessatti, waa'ee jagna nama Xilaahuun Gassasaa du'a isaa irratti dhiraan, dhalaan akka gaddeefi namoonni du'a isaa irratti argaman garee lama kun kan dabe hojjechuu dhaqanif kaan ammo kanneen seenaa yaaduu ta'uu isaanif akkasumaas maqaa isaa hat'u jechuun waa'ee xilahuun Gassasaa tuqee darba. Akkasatti waa'een nama kana bal'inaa waanti ka'e hin jiru garuu dubbisaan duuba deebi'uu akka yaadatuufi seenaa kana tuqee darbahuun isaa agarsiisa.

*.... Dur taliilaa dhugaa, Birraa Qaamnee barii  
Barane hafuun oolu, sun hinta'u tarii  
Ofiin qabduun gandaa, namaa hin teechee warraa,  
Achas ceeteet kun burqaa kutte nurraa  
.....(fuula, 58)*

Walaloo olitti waraabamee fudhatame kessatti, bo'oon jaqaqabaa kan agarsiisu, seenaa bara durii kaasuun bar asana keessatti Birraa Qaamnee barii, laltus akka dhugaamaa ture. Seenaabara durii duuba ddeb'ilee yaadachisuun har'a kun akka haqa kan ibsuudha. Kana keessatti Seenaan 'Dur'' jedhu kun mala dubbii keessaa tuqseedha. Sababni isaas bara durii keessa seenaa jiru kaasuun kan har'aa ilee maal akka ta'e wal-madalchisuu waan ibseef, barreessaan maleen dubbii tuqsee seenaatti dhimma bahuun isaa kan hubachisuudha.



#### 4.3.8 Malallattoo Fakkoommii

Dubbiin qolaa kun wanta ijaan hinmul'anne yookiin waan tokko waan mul'atuun bakka buusanii mul'isuun kan ibsamuudha. Innis fakkeenya isaa waliin qaacceffameera. Mallatto mala dubbii walaloo keessatti wanta tokko yookaan dhugaa ta'e tokko karaa haala salphaa ta'een namni hubachuu hindandeenyeen yookaan wanta ifatti mul'atu tokkoon dhoksanii akkasumas, bakka buusanii ergaa dabarsuudha. Itti fayyadama malleen dubbii akkana walaloo Siifan keessattis ni argama.

atti agarsiisuuf kan tajaajiluudha.

Fakkeenya 1ffaa

*... Ah... anaan 'o' durbaa  
'O'n jedhe..ah...al dhibbaa  
Atis sobi mucacaadhuu,  
Waan gafatte fakkaadhu  
.....(fuula,48)*

*Walaloo oli kan keessatti 'o' durbaa kan jedhu dhimma durbaa ibsuu barbaadee mallattoo  
'o' jedhu kanatti fakkeessuun kan ibseedha.*

*... Hin yaada'in harmee, ilmakee hin dhabduu  
Yoo kan oli malee, namni gadin qabdu  
....(fuula,11)*

Walaloo fudhatame kan keessatti, dhimma himuuf demu harmee kan jedhutti hidhuun akka isheen ilma ishee hin dhabne ibsa.Kun ammo namoonni yookaan dubbistoonni dhimma kana dhuma harmee jedhutti fakkeessani akka yaaduu taasisa kanarra waanti hubatuamu barreessaan dhimma ibsuu barbaade waan namoonni hunduu beekamtii dhimmichatti hudhuun dhimma itti bahuun isaa mala dubbii mallattoo jedhumutti dhimma bahuu isaa kan agarsisuudha.

## BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOO, YABOO

Qorannoo kana keessatti cuunfaan bakkatti hojiiwwan qorannoo kanaa gabaabinaan itti cuunfamarii kaawamaniidha. As keessatti kaayyoo qorannichaa, ka'umsa qorannichaafi yaada dimshaashaa itti ibsamuudha.

Argannoo kan jennu ammoo, hojii qorannoo kanakeessatti qorattuun ragaawwan funaanuun erga qaaccessite booda argannoon qorannichairraa argame kaa'amuun yaboon qorannichaa ibsameera. Haaluma kanaan, boqonnaa kana jalatti cuunfaa, argannoofi yaboon walduraaduubaan dhihaataniiru.

### 5.1. Cuunfaa

Walaloon hojii kalaqaa ta'ee, qabiyyeen isaa haala jiruufi jireenya hawaasaati. Jiruufi jireenya kun waan hedduu of keessatti qabata. Isaan kana kallattii barbaadaniin barruu walalootiin haala gaariin ibsanii dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin calaqqisiisuuf, malleen-dubbii keessatti itti fayyadamni agarsiistotaafi qindoominni gidduu isaanii jiru of-eeggannoodhaan raawwatamuun murteessaadha.

Hojiin gama kanaan hojjetamu cimina qabaannaan dhimmi barruun walaloo sun qabatee ka'es cimina argatee galma isaa bira gahuu danda'a jechuudha. Kaayyoon qorannoo kanaas kitaabilee walaloo qorannoo Siifan keessatti maleen dubbii addaa baasuufi qabiyyeem malleen dubbicha walaloo keessatti qabu agarsiisuudha.

Haaluma kanaan, walaloowwan Afaan Oromootiin barreeffaman keessaa Siifan Kaayyoo'fi kan Yaasoo Kabbaban barreesse, irratti gama itti-fayyadama malleen- dubbiiitiin xiinxala irratti gaggeesseera. Qaaccessin gaggeesse kunis, ulaagaalee yaaxxinni bifiiyyee bu'uureeffatuun yoo ta'u, walaloon eerame irra-deddeebi'uun gadifageenyaan dubbisuudhaan ragaan funaane, qabxiilee xiyyeeffannoo yaaxxinichaa wajjiin walsimsiisuun qaaccessesee mala qorannoo akkamtaatiin ibseera.

Kaayyoo qorannoo galmaan ga'uuf qo'annoo kana boqonnaalee shanatti qoqqooduun' kan adeemsifamee yemmuu ta'uu maddi raga qorannoo kana keessatti dhimma itti bahame mala qo'annoo qolqulleeffataati. Maddi ragaan tokkoffaa fi lammaffatti. Maddi raga tokkoffaan: kitaaba walaloo Siifan yoo ta'u maddi ragaan lammaffa ammo qorannoowwan biroo walitti

dhufeenya qorannoon kan waliin qaban dubbifmanidha. Masshaaleen ragaa qorannoo kanaa funaanuuf dhimma itti ba'ame sakkatta'a baruutti.

Walumagalatti adeemsawwan kanaanis, malleen-dubbii keessatti gama itti fayyadama fi qabiyyee walaloo dabarsuu keessatti qaban agarsiisuuf yaalii taasiseera.

## 5.2 Argannoo

Qorataan qorannoo isaa kan ergaa adeemsisee xumureen booda. Deebii gaaffilee qorannoo isaa deebii argateera.

Aragannoowwaan kunnis:

Gosootni malleen dubbii kitaaba walaloo siifan keessatti argaman

- Akkasaa, nameessuu, bakkasaa, ballattoo, sobdhugaa, ateeffii habalaka akka ta'an bira ga'ameera.
- Barreessan mala dubbii *arbeessuu* fi *fakkee yookaan irra deedebii* uttuu hin fayyadamni akka darbe qorannoo kanaan barameera.
- Malleen dubbii walaloo kana keessatti argaman qabiyyeen isaan baay'een siyaasa akka ta'ee bira ga'ameera.

## 5.3 Yaboo

Walaloon quuqqaa, seenaa fi waan hawaasni hin hubannee hubachiisuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kanumarraa ka'uun walaloo keessatti mala dubbii gargaaramuun ergaan waan bareessinuu sanaa sammuu dubbistootaa keessatti fakkii kaasuun yeroo dheeraa osoo hin dagatamiin akka turuuf gargaara. Sababuma kanaan waloo fi qaratoonni kana booda walaloo kanarratti qorannoo gaggeessan yaadoota kanneen armaan gadiitti osoo tajaajilamani:

Argannoowwaan qorannoo kanaa bu'uura godhachuun:

- Barreessitoonni gara boodetti barreessuu barbaadan maleen dubbii hundaatti uttuu fayyadamani gaariidha.

- Barreessitooni gara fuulduratt: maleen dubbiitt fayyadamuu akka hin daganne utuu hin itti yaadani.
- Walaloowwan biroon yeroo malleen dubbii kanatti dhimma bahan jechoota sammuu dhubbisaa keessatti suuraa kaasuun danda'anitti utuu dhima bahani miira dubbistootaa harkisuuf gaariidha.

## Wabiilee

Addunyaa Barkeessaa.( 2011). *Akkamtaa :Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee, Oromiyaa

\_\_\_\_\_. (2014). *Semmoo : Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoola Oromoo*. Finfinnee :  
Dhaabbata maxxansaa Far East Trading PLC.

Alice, Mortan.(1975). *Rethinking and Symbolism*.Cambridge:Cambridge University Press.

Asafaa Tafarraa Dibaabaa. (2006). *Anaan' yaa*. Dhaababata Maxxansa 2ffaa. Finfinnee.

Awwal Sa'id .( 2013). *Mijuu Og-barruu*. Dirre Dhawaa

Berg B. (2001). *Qualitative Research Methods for the Social sciences*. California State  
University, Long Beach.

Dastaa Dassaalany.(2002). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Mana maxxansaa Boolee.

\_\_\_\_\_. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee : Dhaabbata maxxansaa Far- East tradin  
press.

Dorson, M. R.(1972). *Folklore and Folklife: An Intoduction*. Chigaco : University of Chigaco  
press Encyclopidia of America.(1985). volume 11 university of chicango press.

Dutton, Richard (1984). *An Introduction to Literary Criticism*. England: Longman York

Fedhasaa Taaddasaa .(2013). *Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Dhaabbata  
maxxansaa Subi Printing Press.

\_\_\_\_\_. (2017). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo (Max.2ffaa)*. Finfinnee,  
Oromiyaa: Dhaabbata maxxansaa IIsabaa Publishing.

Hayakawa, S. I.(1974). *Language in Thought and Action*. London: George Allen and

Finnegan R.(1970). *Oral literature in Africa*. The oxford library of African literature: Oxford  
University Press Eastern Africa\_\_\_\_\_ . (1976). *Oral Literature in Africa*  
.Cambridge: Oxford Univesiti prees

Flick Uwe . (2002). *An Introduction to Qualitative Research* 2nd .edition New Delhi: Sage  
Publication

Gosaayee Jambaruu .(2010). “Xiinxala Akaakuu Sadoommii Mammaaksa Oromoo Haadhaafi  
Abbaa Godina Lixa Shawaa Aanaa Qarsaa Maallimaa”Digirii jalqabaa guuttachuuf  
Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kanDhihaate. (kan hinmaxxfanfanne) Guddon, J.A.A.  
(1982). *A Dictionary Of Literary Terms*. New York : Published by penguin Books.

Hayakawa, S. I. (1974). *Language in Thought and Action*. London: George Allen and Unwin.

Isaaq Bariisoo. (2003). “Sakatta’a Haala Fayyadama Sadoommii Kitaaba Walaloo Mootii  
Qubefi Kumees Kumaatamaa”. Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf  
kan Dhihaate. (kan hinmaxxfanfanne)

Ibsaa Adduyunya.(2018).’’ Xiinxala malleen dubbii Ogwalaloo Aaan’yaa keessatti’’ Digirii lamaffaa guuttachuuf Yuunivarsitti Addis Ababaaf kan dhiyaate.( kan hin maxxanfame

Lodge.D. (1988). *Modern Criticism and Theory*. Long man: London.

Kumar, R. (1996). *Research Methodology: Stp-by step Guide for Beginners*.Addison Wesley Longman Australian Pty Limited.

Lawrence, J. (1972). *Mix Me A Metaphor*. London: Gentry Books

Melakneh Mengistu.(1999). *Fundamentals of Literature* . Addis Ababa : Biranna Printing Prees.

Miller R. and Greenberg R.A. (1991). *Poetry On Introduction*. New York: Published by Mc Millian Education.

Miller R. and Currie, I.(1970). *The Language of Poetry*. London: Heinemann Books Ltd.

Misgaanuu Gulummaa (2013) . *Dilbii : Bu'uura Afoola, Og-afaanii Af-wall Oromoo*. Finfinnee

Harry Shaw.(1905). *Dictionary Of Literary Terms*. New York : Mc Graw Hill Book Company

Tafarii Jifaar Dinqaa. (2012). “Xiinxala Sadoommii Walaloo “Utuufi Malli Maali” Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxfanfame)

Shifarraa Tolasaa. (2012). “Xiinxala Sadoommii Kitaaba Waadaa Keessatti Argaman” Digirii jalqabaa guuttachuuf Yuunivarsiitii Addis Ababaaf kan Dhihaate. (kan hinmaxxfanfame.

Yaadannoo Gaaromsa . (2014). *Hora Obaa: Kuusaa Afoollan Oromoo*. Finfinnee:Oromiyaa. Dhaabbata maxxansaa Elleni. p.p. plc

Yaasoo Kabbabbaa .(2015). *Siifan*. Finfinnee: Oromiyaa.Dhaabbata maxxansaa Far-Eastwww. http.focusonoromiaa. blogspot. Com >(2008,04)

<http://ow/.english> purduced

<https://penant> the pad com/figurative-speech 5372289

[www.the free dictinarr,com/critim](http://www.the-free-dictinarr.com/critim)

## **Waraqaa mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaa fi mallattoon koo armaan gadiitti eerame kun waraqaa qorannoo,kun hojii koo ta'uu isaa hojiin kun kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hin dhiyaanee ta'uu isaa fi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaan wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneessa.

Maqaa Qoraata\_\_\_\_\_

Mallattoo\_\_\_\_\_

Guyyaa\_\_\_\_\_

Maqaa Gorsaa\_\_\_\_\_

Mallattoo\_\_\_\_\_

Guyyaa\_\_\_\_\_